# BARIISAA

Bara - 46 Lak. 37 Bariisaa Onkoloolessa 10 , Bara 2016

Sanbataa

(October 21 , 2023) Qar. 10.00




# “Addunyaa yeroo kamuurra rakkoolee walxaxaa keessa jiru wajjin wal’aansoo walqabaa jirra”

**- Ministira Muummee Doktar Abiyyi Ahmad**

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Rakkoo jijjiirama haala qilleensaa, jijjiirama caasaaleefi tasgabbii dhabuu nageenyaatiin addunyaa yeroo kamuurra rakkoolee walxaxaa keessa jirtu baraaruuf qabsoon taasifamaa jiraachuu Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmad ibsan.

Doktar Abiyyi kana kan ibsan haasaa Yaa’ii 3ffaa ‘Belt and Road Initiative’ jedhamu kan Beejiingi Chaayinaatti tibbana taa’amerratti taasisanirratti.

Rakkoo walxaxaan addunyaan yeroo ammaa keessa jirtu ummatni addunyaa akka tokkummaa’uufi dandeettii dandamannaa akka horatu taasiseera jedhanii; rakkoo kana maqsuuf ammoo akka hoggantoota addunyaatti qajeelfamoota namummaa, haqaqabeessummaa, hammattummaa, walqixummaafi garalaafummaa dagaagsuun barbaachisaa ta’uu eeraniiru.

“Biyya ummata miliyoona 120 ol qabduufi guddina dinagdee saffisaan galmeessaa jirtu Itoophiyaa keessaa dhufee wayitan isin fuuldura dhaabbadhu gammachuu guddaatu natti dhaga’ama. Itoophiyaan biyya bu’uura qaroomina durii keessaa tokko ta’uun ala

*Gara fuula 15tti*





*Doktar Qosxaanxiniyoos Barihetasfaa*

## Itoophiyaan buufata galaanaa qabaachuuf hojii dippilomaasii cimaa hojjechuu qabdi

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Itoophiyaan buufata galaanaa qabaachuuf hojii dippilomaasii cimaa hojjechuun akka irraa eegamu hayyuun dinagdee ibsan.

*Gara fuula 15tti*

# “Karoora xiiqii milkeessuuf bajatni ramadame miira ittigaafatamummaa qabuun hojiirra ooluu qaba”

***- Obbo Tolasaa Gaddafaa, Hogganaa Biiroo Maallaqaa Oromiyaa***

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Karoora xiiqii mootummaan naannichaa qabate milkeessuuf manneen hojii mootummaa bajatni barana ramadame miira ittigaafatamummaa qabuun akka hojiirra oolchan Hogganaan Biiroo Maallaqaa Oromiyaa Obbo Tolasaa Gaddafaa hubachiisan.

Obbo Tolasaan, Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, dheebuu misoomaa jiru furuuf maallaqa guddaa ramadeera. Maallaqni ramadame kun fedhii misoomaa naannichaan yommuu walbira qabamu ammayyuu qaawwan jiraachuu mala. Ta’us karoora bal’aa barana qabame milkeessuuf bajata miira ittigaafatamummaa qabuun hojiirra oolchuu cinaatti tajaajila lammummaa hojiitti hiikuun hoggansa hundarra barbaadama.

Raawwii hanga ammaatti jiruun hojiin



hojjetame boonsaa ta’us bakkawwan tokko tokkotti garuu qaawwa uumameef sababa garagaraa dhiyeessuun akka jiru ibsanii; kanaan booda garuu rakkoo nageenyaa

*Gara fuula 15tti*









## Leephiis ganda turistii ajaa’ibaa ta’uun Jaarmiyaa Turiizimii Addunyaatiin galmaa’e

**Riippoortara Gaazexichaatiin**

**Finfinnee:** Sulula giddugaleessa Itoophiyaatti kan argamu gandi Leephiis ganda Turiizimii Addunyaa ta’uun Jaarmiyaa Turiizimii Addunyaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitiin beekamtii argate.

Iddoo qalbii namaa hawwatu, fincaa’aafi bineensota bosonaa kan qabu Gandi Leephiis bu’aalee ogummaa harkaa shimala ykn leemmanirraa hojjetamaniin beekama.

Yeroo darbe Itoophiyaan gaara Cooqeefi Ganda Ikoo turiizimii Wancii ganda ajaa’ibaa addunyaatti kan galmeesiste yoo ta’u, gandi Leephiis ammoo ganda turiizimii ajaa’ibaa sadaffaa ta’ee galmaa’uu Ministeerri Turiizimii beeksiseera.

Kana ilaalchisuun Pirezdaantiin Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa, ergaa fuula

*Gara fuula 15tti*

# ODUU



*Obbo Taarraqany Bulultaa*

## Komii faca'iinsa industiriitiin walqabatu furuuf qorannoon taasifamaa jira

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Faca'iinsi industirii naannoo naannootti, magaalaa magaalaatti jiru qaawwa bal'aa waan qabuuf fayyadamummaa haqaqabeessa mirkaneessuu dhabuun madda komii ta'aa tureera. Godaansi Finfinneefi naannawaansheetti hojii barbaachaaf taasifamaa jirus daran olaanaadha; industiriin naannawuma tokkotti heddummaatu bakka birootii dhabamuunis rakkoodha.

Haa ta'u malee, "Industiriiwwan kunneen galtee omishaa kan argatan naannolee garagaraarraa waan ta'eef bakka galteen omishaa jirutti maaliif hinhundeeffamne? Ummatni naannichaa maaliif galtee naannawaasaa waliin hojii barbaacha godaana?" gaaffiin jedhu osoo deebii hinargatin har'a ga'eera.

Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa jijjiirama sossochii "Itoophiyaan haa Omishtu" jedhuufi facaatii industiriiwwanii ilaalchisee Ministir De'eetaa Ministeera Industirii Obbo Taarraqanyi Bulultaa waliin Roobii darbe turtii taasiseera.

Akka isaan jedhanitti, kanaan dura galteewwan industirii naannolee garagaraarraa gara giddugaleessa biyyaa dhufaa turan. Ta'us ijaarsa industiriifi fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf qorannoon galteewwan omishaa deeggarsa baankii addunyaatiin taasifamaa jira. Saniin booda potenshaala galtee industirii bu'ureeffachuun bakka sanitti warshaan akka dhaabbatuuf carraaqqiin ni taasifama. Abbootiin qabeenyaa hanguma Finfinneerraa hiiqaa deeman faayidaan argatanis hawwataa akka ta'u hojjetamaa jira.

Kanaaf ammoo shoorri sosochii Itoophiyaan haa omishtuu Ministira Muummee Doktar Abiyyi Ahmadiin bara 2014 ifoomee olaanaa ta'uu hubachiisaniiru.

Ifoomuu karoora waggaa 10 sossochii Itoophiyaan haa omishtuun industiriiwwan 300 ol hojii dhaabanii turan omisha eegalaniiru. Hangi omishtummaa industirii biyyattii giddugalaan dhibbantaa 55tti guddateera. Qoodni industiriiwwan kunneen gabaa biyya keessaa keessatti qaban dhibbantaa 30 irraa gara dhibbantaa 38tti guddachuun ala waggaa 10 booda gara dhibbantaa 60 geessisuuf hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Kana malees, naannolee Amaaraafi Affaaritti industiriiwwan waraanaan miidhaman hojiitti deebisuun akka danda'ameefi hubaatiin industirii bal'inaan kan mudate naannoo Tigraayitti warshaa simintoofi arqeefaan wayita hojii eegalsiifaman kanneen biroorratti hojiin adda baasuu taasifamaa jira.

Abbootii qabeenyaa hawwachuuf danqaaleen gama imaammataafi qajeelfamootaan turan furamuu eeranii; kana dura abbaan qabeenyaa

*Gara fuula 15tti*

## Seerri ittifayyadamaa bishaanii qophaa'aa jira

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee** : Qisaasa'uu qabeenya bishaanii ittisuuf seerri ittifayyadama bishaanii qophaa'aa jiraachuu Ministeerrii Bishaaniif Inarjii ibse.

Ministirri ministeera Bishaaniifi Inarjii Doktar Injiinar Habtaamuu Ittafaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, qabeenya bishaanii biyyattiin qabdu sirna qabeessaa taasisuuf seerri ittifayyadama bishaanii qophaa'aa jira. Baadiyyaatti babal'ina qonna jallisii hordofee fedhiin bishaanii dabalaa waan jiruuf qisaasama bishaanii ittisuuf seerri sirna ittifayyadama bishaanii fooyya'eera.

Akka ibsa isaanitti, bishaan mootummaan gatii guddaan itti baasee ijaarsa gamoofi miiccaa konkolaataaf oolchuun, hidhawwan gatii guddaan itti ba'ee bishaan kuusanfi burqaa bishaan umamaa irraa bishaan garmalee mootaraan harkisanii jal'isiif oolchuun hanqina bishaan babal'isaa jira.

Godaannis baadiyyaa irraa gara magaalaatti taasifamaa jiru magaalota keessatti hanqina bishaanii mul'atuuf



*Inarjii Doktar Injiinar Habtaamuu Ittafaa*

sababa olaanaa ta'aa jiraachuu himanii, sagantaan qonna qamadii bonaa walqabatee qonna jal'isiif fedhiin bishaanii baadiyyaatti dabalaa jira.

Ce'umsa waqitii gannaa irraa bonatti taasifamu hordofee kuufamni bishaanii lafa jalaa waan hir'atuuf ujummoon qaqqabuu dhabuun hanqinni bishaanii mudatu oolchuuf hundumtuu bishaan osoo hinqisaasessin akka fayyadamuu seerri ittifayyadama bishanii barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.

Hanqinoota kunneen hambisuuf, caasaaleen dhiyeessii bishaanii irra hojjetan waqtii bonaatti qophii barbaachisaa taasisuu akka qaban hubachiisanii, hoggansi hidhawwaniifi haroowwan bishaan kuusan hoggansa fayyadama bishaansaanii cimsuu akka qaban ibsaniiru.

Ministeerichi fufiinsaa rakkoo kana furuuf haala qilleensaan walqabatee Inistityuutii Metiworolojii Itoophiyaa waliin ta'uudhaan hojii hubannoo uumuu hojjetaa jira.

Ashaaraan magariisaa fedhiifi dhiyeessiin bishaanii madaalawaa akka ta'uuf shoora olaanaa waan qabuuf kunuunsa biqiloota dhaabbatanii cimee akka ittifufuuf hojiin hubannoo uumuu xiyyeeffannoon itti laatameera hojjetamaa jiraachuus himaniiru.

Faalama Laggeeniifi haroowwanii ittisuun hojii xiyyeeffannoo ministeerichaa keessaa tokko ta'uu himanii, qisaasaa'uu qabeenya bishaanii ittisuuf seerri ittifayyadama bishaanii qophaa'uun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru.





*Obbo Buzaayyoo Taklee*



*Inispeektar Kaliifaa Qixxeessaa*

## Wareegamni alaabaaf kaffalame hubatamuu qaba

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee:** Dhalooti har'aa nageenya kabachiisuuf wareegama alaabaaf kaffalame hubachuun jaalalaafi kabaja alaabaa horachuu akka qabu Biiroon Bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaa ibse.

Daarektarri kominikeeshinii biirichaa Obbo Buzaayyoo Taklee akka dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsanitti, dhalooti har'aa nageenya biyyaa kabachiisuuf wareegama alaabaaf kaffalame hubachuun kabajaafi jaalala alaabaa horachuu qaba. Hubannoo argatan bu'uura godhachuun nageenya, tokkummaafi birmadummaa ittifufsiisuuf ga'eesaanii ba'achuu qabu.

Akka ibsasaaniitti, weerara Awurooppaanonni Afrikaanotarratti raawwatan qolachuun Itoophiyaan lammiilee ishee alaabaa tokko jalatti hiriirsuudhaan wareegama barbaachisaa ittikaffalluun nageenyaafi birmadummaa kabachiisuun dhalootatti daddarbaa har'a ga'ameera. Dhalooti har'aa wareegama kaffalame hubachuun kabajaafi jaalala alaabaa habatee dhalootatti dabarsuu qaba.

Dhaloonni kun birmadummaa, tokkummaa, jaalalaafi walkabajuu Itoophiyaanoti waliin qaban alaabaadhaan akka ibsamu himanii; dhalooti ammaas babal'ina teknolojii duukaa waantota nageenya, tokkummaafi birmadummaa alaabaan ijaarame tuqanirraa of qusachuu qaba jedhan.

Hawaasni guutuunis heeraafi seera mootummaa kabajuudhaan tokkummaafi sabdaneessummaa biyyaa cimsuuf wareegama alaabaatti kaffalame dhaloota ammaa barsiisuun kabajaafi jaalala alaabaa akka horatu taasisuu qaba. Osoo dhaloota hinbarsiisin dhaloota komachuun waan hindanda'amneef dhimma kanarratti xiyyeeffannoon hojjetamuu qaba jedhan Obbo Buzaayyoon.

Tokkummaa sabdaneessummaan lammiilee alaabaa jalatti cimee akka ittifufuuf mootummaan hawaasa hirmaachisuun gochoota duudhaa alaabaa faallessanirratti olaantummaa seeraa kabachiisuu ciminaan hojjechuu akka qabus eeraniiru.

Hojjetaan eegumsa nageenyaa 'VIP' Inispeektar Kaliifaa Qixxeessaa gamasaaniin, guyyaan alaabaa guyyaa aarsaan abbootii duraaniitin itti kaffalameedha. Kabajaafi jaalala alaabaa wareegamaan isaan bira ga'e dhalootatti dabarsuuf wareegama barbaachisu kaffaluuf hojjechaa jirra jechuun ibsaniiru.

Dhalooti har'aa tokkummaa abbootii keenya kaleessaa alaabaa biyyaatiif qaban irraa barachuudhaan qaamolee faallaa alaabaa biyyaa dhaabbatan karaatti deebisuudhaan nageenya, tokkummaafi birmadummaa Itoophiyaa kabachiisuu akka qabaus hubachiisaniiru.

Walittiqabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Magaalaa Caffee Oromiyaa Obbo Abdulqaadir Huseen alaabaan ibsituu bilisummaafi birmadummaa biyyaa ta'uu ibsaniiru.

Koloneeffattoota Awurooppaa Afrikaa weeraran wareegama lammiileen Itoophiyaa alaabaaf kaffalaniin mallattoo bilisummaa Afirikaanotaa taatee jirti. Kanaaf dhalooti har'aa nageenya, tokkummaafi birmadummaa biyyaa kabachiisuuf kabajaafi jaalala alaabaa biyyaa hubachuudhaan ga'ee irraa eegamu ba'uu akka qaban ibsaniiru.

Guyyaa alaabaa marsaa 16ffaan Wiixata darbe mataduree, "Olka'iinsi alaabaa keenyaa wabii tokkummaa sabdaneessummaafi birmadummaa keenyaati" jedhuun guutummaa biyyaatti kabajamuun ni yaadatama.

# Ijoo Dubbii

## Hariiroo Itiyoo Chaayinaa walamantaafi walta'iinsa waloorratti hundaa'e

Bal'inni lafaa Chaayinaa iskuweer kiiloo meetira miliyoona 9.6 yoo ta'u; Ruusiyaa, Kanaadaafi Ameerikaatti aanuun addunyaarraa sadarkaa afraffarraatti argamti. Biyyattiin ammaan tana Indiyaatti aantee baay'ina ummataatiin sadarkaa 2ffaa irratti argamti.

Chaayinaatti umriin jireenyaa nama tokkoo jiddugaleessaan waggaa 78 yoo ta'u, biyyattiitti baay'inni dhiirotaa miliyoona 34n kan dubartootaa caala. Lammiileen Chaayinaa harki guddaan amantii Budihiizimii hordofu.

Buufanni guddichi addunyaa kanaa kan argamu Chaayinaatti yoo ta'u, buufanni Shaangaay dandeettii konteenaroota miliyoona 47 qabachuu qaba. Biyyattiin buufatawwan guguddoo 34fi xixiqqoo kuma lamaa ol qabdi.

Doolaarri Ameerikaa tokko maallaqa Chaayinaa, Yuwaan 7.31tti yoo sharafamu, afaan addunyaa tajaajila barreeffamaa kennaa jiru afaan Chaayinaa Mandariin jedhamuudha.

Chaayinaan biyya kutaalee biyyaa 23 naannolee ofiin of bulchan shaniin, maanusipaaliitiiwwan (manneen qopheessaa) afuriifi bulchiinsawwan addaa lamaan caaseffamteedha.

Egaa biyyi keenya, Itoophiyaan ummata miliyoona 120 qabdu erga Chaayinaa haala kanaan ibsamtu wajjin hariiroo walamantaa, walta'iinsaafi faayidaa waloorratti hundaa'e uummattee waggoonni 53 kan lakkaa'aman yoo ta'u, jilli Ministira Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmadiin durfamu foramii "Belt and Road" jedhamurratti hirmaachuuf tibbana garasitti qajeelee, foramicha maddiitti mariiwwaniifi daaw'annaawwan adda addaa taasiseera.

Kunis hariiroo biyyoota lamaanii caalaatti cimsuufi gara boqonnaa haaraatti ceesisuu keessatti shoora olaanaa qabaata. Daaw'annaa kanaan biyyoonni lamaan dhimmoota gara garaa 12 irratti waliin hojjechuuf walii mallatteessaniiru.

Itoophiyaan biyyoota guddatan kanneen akka Chaayinaa waliin hariiroo cimaa ummachuunshee gama dinagdee, siyaasaafi dippiloomaasiitiin daran ishee fayyada. Hariiroon biyyoota lamaanii imala dheeraa waliin dabarsuurraa kan ka'e caaseffama haaraa addunyaa as adeemaa jiru keessattillee hanga ejjennoo waloo tarkaanfachiisuurra gaheera.

Hariiroon Itoophiyaafi Chaayinaa gidduu jiru hundee kan gad fageeffateefi fedhiifi faayidaa biyyoota lamaanii eeguurratti kan xiyyeeffateedha. Walitti dhufeenyi cimaan biyyoota lamaan gidduu jiru kun seerota adda addaa jiran kabajuun caalaatti jabaatee cimee kan ittifufu ta'a.

Dameewwan hojii biyyoonni lamaan irratti waliin hojjetan keessaa inni guddaan hojiiwwan waloon qabeenyaa horachiisuu danda'anirratti xiyyeeffata. Hariiroo biyyoonni lamaan gama siyaasaafi dippiloomaasiitiin waliin qaban yoo ilaalles wayita Itoophiyaarratti dhiibbaan hammaataa turetti Chaayinaan Itoophiyaa cina dhaabachuun tumsa taasisaa turteetti. Hariiroo Itoophiyaan Chaayinaa waliin qabdu ummataafi guddina biyyattiillee daran kan utubuudha.

Jilli Ministira Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmadiin durfame daaw'annaa hojii gudduu kana Chaayinaatti taasiseen jila Pirezidaantii Chaayinaa Shii Jiinpiingiin durfamu wajjin dhimmoota gara garaarratti marii garlamee taasiseera.

Maricharratti hariiroon biyyoota lamaanii hunda hirmaachisuurraa gara obbolummaafi tooftaa tarsiimowaa addaan hincinnetti guddachuunsaa ibseera. Walitti dhufeenya obbolummaa Itoophiyaafi Chaayinaa waggoota hedduu kan lakkoofsise kana gara sadarkaa olaanaatti ceesisuufis aanga'oonni biyyoota lamaanii waliigalaniiru.

Chaayinaan biyya misooma magariisaatiin maqaa gaarii qabduudha. Itoophiyaanis keessumaa waggoota afran darbanii as gama misooma magariisaa mirkaneessuutiin jijjiirama qabatamaa agarsiisaa jirti. Jijjiirama qilleensaa addunyaaf yaaddoo ta'aa jiru qolachuufis biyyoonni lamaan waliin hojjechuuf waliigalaniiru. Chaayinaan sagantaa ashaaraa magariisaa Itoophiyaan jalqabde milkeessuuf kan tumsitu ta'uu waltajjii marichaarratti eerteetti.

Chaayinaan imaammata ashaaraa magariisaa qopheessuun sosochii jalqabuuf jetti. Jijjiirama qilleensaa to'achuuf sagantaa ashaaraa magariisaa Itoophiyaan adeemsisaa jirtu caalaatti milkeessuuf biyyoonni lamaan waliin kan hojjetan ta'uun waltajjii marichaarratti ka'eera.

Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktar Abiyyi Ahmad waltajjii marichaarratti invastimantiin Chaayinaa guddina dinagdee Itoophiyaa utubuu keessatti gahee guddaa waan qabuuf utubaawwan guguddoo shan (qonna, maanifaakcheriingii, 'ICT' misooma albuudaafi turizimii) irratti bal'inaan akka hirmaataniif waamicha dhiyeessaniiru. Kunis hariiroo garlamee daran cimsuu keessatti shoora olaanaa qabaata.


## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,
Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

**Gulaalaan**
**Charinnat Hundeessaa**
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**
*Saamraawit Girmaa*
*Natsaannat Taaddasaa*
*Bayyanaa Ibraahim*
*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**
*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**
*251-011-1-5698-62*
*L.S.P 30089*
*email-bariisaa@press.et*

*Ethiopian Press Agency*


# Yaada



## Alaabaa: Wabii tokkummaa sabdaneessaafi birmadummaa

**Kutaa Qophiitiin**

Guyyaan alaabaa 16ffaan mataduree "Olka'iinsi alaabaa keenyaa, wabii tokkummaa sabdaneessaafi birmadummaa keenyaati" jedhuun sadarkaa biyyaatti akkasumas embaasiiwwan Itoophiyaa biyyoota gara garagaraatti argamanitti Wixata darbe kabajameera.

Sirna kabaja Guyyaa Alaabaa mooraa Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataatti adeemsifamerratti haasaa kan taasisan Pirezidaantiin RFDI Saahilawarqi Zawudee akka jedhanitti, alaabaan keenya cimsituu tokkummaa keenyaa waan ta'eef yeroo hundaa kabajuufi eeguu qabna.

Alaabaan mallattoo biyyaalessaa waan ta'eefis yeroo hunda kabaja maluuf taasisuufiin nurra jiraata. Alaabaaf jecha namoonni hedduun waan aarsaa kanfalaniifiif kabajaafi olaantummaasaa yeroo hundaa ibsuu qabna jedhan.

Afyaa'iin Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataa Taaggasaa Caafoos Alaabaan keenya aasxaa tokkummaa, birmadummaafi Itoophiyummaa keenyaati jedhan.

Alaabaan ibsituu bilisummaafi birmadummaa biyyaati kan jedhan ammoo Afyaa'ii Caffee Oromiyaa Aadde Sa'aadaa Abdurahmaani.

Aadde Sa'aadaan Guyyaa Alaabaa sadarkaa Naannoo Oromiyaatti mooraa Waajjira Caffee Oromiyaatti hoggantootaafi hojjettoota biirolee wajjin kabajamerratti akka jedhanitti, Itoophiyaan erga alaabaa mataashii qabaachuu eegaltee waggoota dheeraa lakkoofsisteetti. Ummanni biyyattii alaabaa tokko jalatti hiriiruun gootummaa, tokkummaafi birmadummaasaa kan mirkaneesseefi ittiin mirkanneessuudha.

Alaabaan ibsituu eenyummaa biyyaa ta'uu kan dubbatan Aadde Sa'aadaan gootonni Raayyaa Ittisa Biyyaa Alaabaan Itoophiyaa olka'ee akka mul'atuuf wareegamni qaalii hedduun kaffalamaa har'a ga'uu yaadachiisaniiru.

Atileetonni Itoophiyaa carraa argataniin injifannoosaaniifi jaalala alaabaa biyyasaanii hawaasa addunyaa fuulduratti olkaasanii ifatti kan agarsiisaniis ta'uus ibsaniiru. Alaabaan Oromiyaas faajjii sirna Gadaafi calaqqiftuu eenyummaa waloomaati jedhan.

Mootummaan naannoo Oromiyaa hojiiwwan qabatamaa hojjachaa jiruun sabdaneessummaa dhugaan akka jiraatuufi saboonniifi sablammoonni miira tokkummaafi walqixxummaatiin hojii misoomaarratti akka bobba'aniif hojii guddaan hojjatamuu dubbataniiru.

Rakkoolee karaa kamiinuu mudatan mariifi marabbaan furuun imala jalqabame karaa guutuu ta'een milkeessuuf hojjetamaa jiraachuus eeraniiru.

Sagantaa kanarratti haasaa kan taasisan Caffee Oromiyaatti Walittiqabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Misooma Magaalaa Caffee Oromiyaa Obbo Adulqaadir Huseen sirna kabaja guyyichaa mooraa Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaatti adeemsifameerratti akka jedhanitti, dhimmoota wareegama, gootummaa, eenyummaa, seenaa, kabajaafi jaalala biyya tokkoo ibsan keessaa Alaabaan isa tokko. Alaabaan biyyi tokko biyyoota biroorraa kan ittiin adda ba'udhas.

Biyyi keenya Itoophiyaanis biyya alaabaa mataashee qabduufi birmadummaa ofii kabachiisuun jiraateefi jiraachaa jirtuudha jedhanii, biyya Afrikaa keessaa sirna kolonii Awurooppaanotaa gootummaa ijoolleesheetiin qolattee birmadummaashee mirkaneessuun alaabaashee ol qabde; Afrikaanota biroof fakkeenya bilisummaa taateedha jechuun ibsan.

Ummanni Itoophiyaa ummata alaabaasaatiif jecha aarsaafi wareegamawwan garagaraa kaffalaa ture waan ta'eef maalummaafi kabajasaa sirriitti kan beeku ta'uus dubbataniiru.

Kaayyoon kabaja Guyyaa Alaabaas dhaloonni har'aa hiikaafi aarsaa Alaabaa akkasumas wareegama dhaloonni kaleessaa kaffalaa ture hubachuun akka kabajaafi jaalala alaabaa biyyasaatiif qabaatu; akka birmadummaa biyyasaatiif wareegama kamuu kaffaluuf qophaa'uuf ta'uu kaasaniiru.

Baroota keessatti qormaatilee akka biyyaatti nu mudatan hunda injifachaafi diinota birmadummaa keenyatti aggaaman maratti waaroo salphinaa uffisuun obbolummaa sabdaneessummaa keenya cimsachaa as geenyeerra jedhan Obbo Addulqaadir. Dhaloonni har'aas dhaloonni darbe injifannoo boonsaa galmeessaa dhufuu hubatee hubachiisuufi maraammartoo hiyyummaa waloon injifannee dhaloota ittaanu biyya birmadummaanshee eegameefi badhaate dhaalchisuuf xiiqiin hojjetamuu akka qabus dhaamaniiru.

Guyyaan Alaabaa kun matadureefi sirnoota walfakkaataniin naannoleefi bulchiinsota magaalaa akkasumas waajjiraalee mootummaafi dhaabbilee adda addaatti sa'aatii walfakkaataatti sirna alaabaa baasuufi faaruutiin dabaalamee kabajameera.

# ODUU




*Doktar Mangistuu Baqqalaa*

## Weerara dhibee busaa to'achuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Oromiyaatti weerara dhibee busaa to'achuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu Biiroon Fayyaa Oromiyaa beeksise.

Hogganaan biirichaa Doktar Mangistuu Baqqalaa ibsa kaleessa raawwii ji'oota sadan darbanii ilaalchisee miidiyaaleef kennaniin akka jedhanitti, yeroo ammaa dhibee busaa godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti bal'inaan mudate to'achuuf bajata guddaafi ogeessotaa ramaduun hojjetamaa jira.

Naannichatti namoota miliyoona 1.5 qorannoo dhiigaa taasisan keessaa namoota kuma 359 irratti dhibeen busaa argamuu himanii; namootni dhibeen kun irratti argames tajaajila yaala fayyaa argachuu dubbataniiru.

Akka ibsasaaniitti, weerara dhibichaas hir'isuuf saaphanni siree miiliyoona 7.2 raabsameera. Iddoon walhormaata bookee busaaf mijataa ta'e bishaan meetrik iskuweerii miiliyoona 7.5n hirmaannaa haawaasan qulqullaa'eera.

Ji'ootni Fulbaanaa, Onkololeessaafi Sadaasaa ji'oota weerarri dhibee busaa itti babal'atu ta'uu himanii, jijjiiramni haala qilleensaa walhormaata bookee busaaf mijataa ta'ee mul'achuufi akaakuun bookee busaa kanaan dura mul'atee hinbeekne mudachuun sababoota babal'ina weerara dhibee kanaaf ka'umsa ta'uu ibsaniiru.

Ji'oots sadan darbanitti lubbuu namootaa baraaruuf dhiyeessii qorichaa, meeshaalee yaalaa, suphaa meeshaalee yaalaatiif qarshiin biiliyoona lama baasii taasisuus yaadachiisaniiru.

Haaluma walfakkaatuun, hojii bal'aa hojjetameen weerara dhibee koleeraa godinaalee Oromiyaa 13 keessaa balleessuun danda'ameera. Weerarri kun godinaalee Oromiyaa 16 keessatti mul'atee turus godinalee 13 keessaa guutumaan guututti balleessuun danda'ameera. Kana malees, dhibee koleeraa aanaalee naannichaa 83tti mul'atee ture gara aanaalee 12tti gadi xiqqeessuun danda'ameera.

Akka Doktar Mangistuun jedhanitti, iccitiin milkaa'ina biirichaa hawaasaaf hubannoo bal'aa kennuufi qooda fudhattoota hirmaachisuudha. Tajaajila tola ooltummaan hojiin yaalaa fayyaa qarshii biliyoona 3.6 hojjetameera.

Dhiibbaa dhibichaa hir'isuuf mootummaan dhiyeessii barbaachisu guutuuf baasii guddaa baasee socho'aa jira kan jedhan Doktar Mangistuun; dhiyeessii mootummaan dhiyeessutti qixa sirriin fayyadamuun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

## Qonnaan bultootni kuma 56 kaartaa lafasaanii qabsiisuun qarshii biliyoona sadii liqeeffatan

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Kanaan dura kaartaa lafaa yookiin mana jireenyaa qabsiisuun fayyadamummaa dinagdee mirkaneeffachaa kan ture ummata magaalaa jiraatu qofa. Haa ta'uutii, xiyyeeffannoo mootummaan yeroo dhiyoo as abbaa qabeeyyumma lafa baadiyyaaf kenneen qonnaan bultootni hedduun kaartaa lafaa qabsiisuun fayyadamoo ta'aa jiru.

Kaartaa abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaa kennameen waggoota sadii as qofa qonnaan bultootni kuma 56 kartaa qabsiisuun liqii qarshii biliyoona sadii argachuu Ogeessotni Ministeera Qonnaa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf yaada kennan ibsaniiru.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Obbo Tigistuu Gabramasqal akka jedhanitti, labsiiwwan dhimma lafaa ilaalchisee ba'an hundi mirga abbaa qabiyyummaa qonnaan bulaa eegsisuuf kan bahaniidha. Ministeerichis fayyadamummaa qonnaan bultootaa mirkaneessuuf akkasumas rakkoolee ragaa qabiyyee lafaan walqabatan furuuf kaartaan abbaa qabiyyummaa lafaa ibsu akka kennamu taasisaa jira.

Ministeerichi bara 2007rraa eegalee hanga ammaatti qonnaan bulaa miliyoona 25f kaartaa qabiyyee lafa baadiyyaa kennuun qonnaan bultootni kaartaa lafaa argatan immoo tajaajila liqiifi qusannaa akka argataniif hojjechaa jira.

Bara 2000 hanga bara 2006tti kaartaan qabiyyee lafaa marsaa 1ffaan kannamuu yaadachiisanii; bara 2007 irraa eegalee hanga ammaatti ammoo marsaa 2ffaadhaan qonnaan bulaaf kaartaa lafa baadiyyaa kennaa jira. Marsaa kanaan hanga ammaattis cittuun lafaa miliyoona 30 lakkaa'aman keessaa lafa



*Obbo Tigistuu Gabramasqal*



*Obbo Geetuu Damee*

miliyoona 25 ta'anirratti ragaan qabiyyee lafaa qonnaan bulaaf kennamuu dubbataniiru.

Ministeerichi teknolojiitti fayyadamuun damicha bulchaa jira kan jedhan Obbo Tigistuun; oyruuwwan ragaansaanii qophaa'an odeeffannoo sirna lafaa biyyaaleessaatti daataa beeziidhaan akka qindaa'u taasifamuusaa yaadachiisaniiru.

Ragaan lafaa daataa beeziidhaan qabame kun bal'ina lafaa, iddoo itti argamasaaniifi abbaan qabiyyummaasaanii ifatti waan mul'isuuf walitti bu'iinsa namoota gidduutti uumamuu danda'u hir'isuufis shoora olaanaa taphata jedhaniiru.

Ragaan teeknolojiitti fayyadamuun qindaa'e kun baankotniifi dhaabbileen maaykirofaayinaansii garagaraa ragaa amansiisaa kanatti fayyadamuun qonnaan bultootaaf tajaajila liqiifi qusannaa akka mijeessaniif gargaaraa jira.

Dabalataanis kenniinsi ragaa kanaa miira abbaa qabeenyummaa qonnaan bulaa keessatti uumuun qonnaan bulaan lafasaa akka kunuunsu karaa alkallattiin immoo hojii eegumsa naannawaa akka hojjetu gochuufis kan gargaaruudha.

Ministeerichatti Ogeessi Olaanaan Bulchiinsaafi Galmeessa Lafa Baadiyyaa Obbo Geetuu Damee gamasaanitiin akka jedhanitti, kenniinsi kaartaa qabiyyee lafa baadiyyaa marsaa lammaaffaa kan marsaa 1ffaarraa baay'ee fooyya'aadha.

Akka ibsasaaniitti, kaartaan marsaa 1ffaa qonnaan bulaan tokko lafa meeqa akka qabu ibsuun ala iddoowwan lafti kunneen itti argaman kan mul'isu miti. Kaartaan marsaa 2ffaatiin kennamaa jiru garuu iddoo argama lafaa ifatti kan mul'isuudha. Marsaa 2ffaadhaan kaartaa qopheessuun kennuun kan barbaachises rakkina kanaafi kanneen biroo ni furuufi.

## Barattoota Tigraay rakkoo walxaxaa keessa jiraniif deeggarsi addaa gaafatame

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Akkuma waraanni filatamu, nageenyi tuffatamu hinjiru jedhamu waraanni Itoophiyaa kaabaatti adeemsifame Tigraayitti gaaga'ama rogaa maraa dhaqqabsiiseera. Waraanichaan barattootni naannichaa miliyoona 2.4 ta'anis waggoota sadii oliif barumsa addaan kutanii turuu ragaan naannicharraa argame ni mul'isa.

Hogganaan Biiroo Barnootaa Naannoo Tigraay Doktar Kiroos Gu'iish ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanittis, sababa waraanaan manneeniifi meeshaaleen barnootaa guutummaatti manca'uun, rakkoo dinagdee akkasumas miidhaa lubbuufi qorqalbii barsiisotaafi barattootarra ga'een walqabatee sirna barnoota haaraa barana naannoleefi bulchiinsota magaalota kaanitti hojiirra oole naannichatti oolchuun hindanda'amne. Kan kutaa 9ffaa hojiirra oolus kanneen hafan garuu bara 2018tti guutummaatti hojiirra oolchuuf sochiin taasifamaa jira.

Akka isaan jedhanitti, sababa waraanaa taasifameefi dhibee koronaan walqabatee daa'imman naannichaa miliyoona 2.4 barumsa addaan kutuuf dirqamanii turaniiru. Barsiisota naannichaa kuma 46 ol ta'an keessaa kumni 14 ol achi buuteen dhabameera. Kunis baay'eensaanii wareegamaniiru, kaansaanii qaamaa miidhamaniiru, kaan ammoo buqqa'anii godaananiiru.

Ta'us yeroo ammaa deeggarsa mootummaa federaalaa, naannoleefi dhaabbilee idiladdunyaan manneen barnootaa manca'an kaan suphuun kaan ammoo irraafi jalasaa qorqorroodhaan ijaaruun bara kana barattoota miliyoona tokkotti hiiqan galmeessuun adeemsa baruufi barsiisuu eegaluu dubbataniiru.

Haa ta'u malee, rakkoo dinagdeefi hawaasummaa olaanaa naannichatti mul'atuun walqabatee barattoota qorqalbiin cabanii jiraniif birmachuuf deeggarsi addaa akka barbaachisu himanii, rakkoon kun humna mootummaa federaalaa qofaan kan furamu waan hintaaneef naannoleen, abbootiin qabeenyaafi hawaasni idil addunyaa tumsa barbaachisu akka taasisu dhaamaniiru. Deeggarsa hanga ammaatti taasifameefis, keessattuu naannoon Oromiyaafi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee addatti galateeffataniiru.

Adeemsi baruufi barsiisuu kun kan eegalame bakkeewwan to'annoo bulchiinsa yeroo naannoo Tigiraay jala jiran qofatti ta'uu yaadachiisanii, haa ta'u malee, sababa rakkoo nageenyaaf manneen barnootaa 552 ta'an



*Doktar Kiiroos Gu'iish*

keessatti barattootni kuma 800 ammayyuu gabatee barnootaa ala waan ta'aniif qaamni hundi akka itti yaadu gaafataniiru.

Barattoonni waggoota sadiifi sanii oliif addaan kutaniifi osoo barumsa hineegaliin turan umurii sirni barnootaa kaa'uu olitti osoo waggaa torbatti kutaa 1ffaa galuu malanii waggaa kudhanitti galmeessuuf dirqamuu kan himan Doktar Kiiros, barattootni naannichaa bara kana qormaata kutaa 12ffaa fudhatan illee silaa barana dhaabbilee barnoota olaanoo seenuuf kan qormaata fudhatan osoo hintaane dhaabbilee barnoota olaanoorraa eebbifamuu kan malan ta'uu dubbataniiru.

Gama biroon tibba darbe barattoota kuma sagaliifi 514 yunivarsiitii naannichaa afur keessatti baatii lamaaf gorsa xiinsammuu dabalatee deeggarsi barbaachisu erga taasifameefii booda qormaata kutaa 12ffaa akka qoraman taasifamee firii qormaataa eegaa jiraachuu ibsaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 10 Bara 2016

**Natsaannat Asaffaa:**
Dargaggoo qaroo hinqabne, dhaga'uufi dubbachuu hindandeenye garuummoo miira hindanda'amuu nidanda'amaatti jijjiire



fuula 13



# "Naannoon Sidaamaa gama tajaajila faayinaansii ammayyaatti fayyadamuutiin naannolee kaaniif fakkeenya ta'aa jira"

- Doktar Araaroo Garramoo, Hogganaa Biiroo Faayinaansii Naannichaa

fuula 6



## Coba

**bishaaniirraa hanga balbala galaanaatti...**

fuula 11



**Artisti Halloo Daawwee weellistuu qofa utuu hintaane qabsooftuu cimtuu turte**

fuula 10

## KEESSUMMAA BARIISAA

# "Naannoon Sidaamaa gama tajaajila faayinaansii ammayyaatti fayyadamuutiin naannolee kaaniif fakkeenya ta'aa jira"

- **Doktar Araaroo Garramoo, Hogganaa Biiroo Faayinaansii Naannichaa**



*Suurri: Iyyoob Tafariitiin*

**Bayyanaa Ibraahimiin**

***Doktar Araarsoo Garramoo Hogganaa Biiroo Faayinaansii Bulchiinsa Naannoo Sidaamaa yemmuu ta'an, naannichi erga Naannoo Sabaafi Sablammoota Kibbaa jalaa bahee of danda'ee as faayidaawwan gama hawaasummaafi dinagdeetiin akkasumas siyaasaatiin gonfaterratti, akkasumas rakkoolee daangaa bulchiinsaa Oromiyaafi Sidaamaa gidduutti uumamaa turaniifi haala isaan yeroo ammaa irra jiranirratti ibsa bal'aa akka nuu kennaniif affeerree keessummaa Gaazexaa Bariisaa maxxansa kanaa taasifanneerra.***

***Gaafdeebii guutuun isaan wajjiin taasisne akka armaan gadiitti dhihaateera.***

**Bariisaa**: **Mee jalqaba raawwii hojii waliigalaa naannichaa bara bajataa 2015 irraa haa eegalluu?**

**Doktar Araarsoo**: Tole. Akkuma beekamu yeroon amma keessa jirru ji'a lammaffaa bara haaraa 2016 ta'uusaatiin walqabatee gaaffiin kaaftanis kan yeroosaa eeggate ta'uu asumaan isinii mirkaneessuu barbaada. Yommuun gara gaaffii keetti deebi'u immoo, bara bajataa 2015 darbeef qabeenyi hojiiwwan misoomaa naannichaa si'eessuuf ramadamee ture haala barbaachisuun hojiirra ooluusaa to'achuufi hanqinoota mul'atanirratti tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuun hojii ijoo biiroo keenyaati. Kanaaf dhimma kanarratti kutannoofi xiyyeeffannoo addaatiin hojjachaa baane.

Hojmaata faayinaansii gara faayinaansii dijitaalaawaatti geeddaruunis hojiiwwan bara darbe xiyyeeffannoodhaan hojjatamaa bahan keessaa isa tokko yemmuu ta'u, kunis teknolojiiwwan ammayyaatiin walbaranii tajaajila faayinaansii ammayyaa diriirsuudhaan tajaajila si'ataafi hunda dhaqqabu mirkaneessuuf hojmaata barbaachisaadha.

Akka bulchiinsa Naannoo Sidaamaatti sadarkaa aanaarraa eegalee dhaabbileen hojmaatni faayinaansii diriireef 80 yemmuu ta'an, hojii dhaabbilee faayinaansii kanneen gara dijitaalaa 'online'tti galchuuf hojii bara 2015tti raawwatameen, dhaabbilee 42 hojmaata faayinaansiisaanii dijitaalaatti geeddaruudhaan gara hojii 'online'tti akka galan taasisuun danda'ameera.

Raawwiin kun oggaa dhibbantaadhaan kaa'amu %38 yemmuu ta'u, hojmaata faayinaansii gama dijitaalessuufi gara 'online'tti fiduun immoo iftoomina mirkaneessuudhaan gochoota akka hannaafi malaammaltummaa to'achuufis shoora guddaa kan taphatuudha.

Dhaabbilee hafan bara bajataa keessa jirutti guutummaatti gara hojmaata faayinaansii dijitaalawaatti geeddaruuf kutannoo olaanaadhaan gara hojiitti galameera.

Hojmaata bittinnaa'aa kanaan dura ture sirreessuuf ogeeyyii damee faayinaansii keessa jiraniif leenjiiwwan gahumsa raawwiisaanii fooyyessan kennuuf karoorfamee kan ture yemmuu ta'u, raawwiiinsaas dhibbantaa 100.

Inni sadaffaafi murteessaan kan biraa raawwii gama bittaatiin jiruudha. Yeroo ammaa dhaabbileen Federaalaa hojmaata bittaa ammayyaa kanaan raawwataa jiran dhaabbilee 70 ta'u. Naannoon Sidaamaas dhaabbileefi naannolee hojmaata bittaa haaraa dijitaalawaa kana jalqabuuf sochii eegalan keessa isa duraati jechuun ni danda'ama.

Hojmaatni bittaa haaraa dhaabbilee mootummaa kun ogeeyyota biratti dorgommii cimaa uumuudhaan tajaajilli haqaqabeessi adeemsa bittaa keessatti akka mirkanaa'u kan taasisu waan ta'eef, akka naannoo Sidaamaatti hojmaaticha hojirra oolchuuf waltajjiiwwan gara garaa qaamolee gahee qaban waliin taasifamaa jira.

Kana qofa osoo hintaane hoggansiifi ogeessi jijjiirama mormu tokko tokko jiraachuu waan maluuf hoggansaafi ogeeyyota damee bittaa keessatti argamaniifis leenjiin barbaachisummaa hojmaata bittaa dijitaalaa dhaabbilee mootummaarratti akka kennamu taasifamaa jira. Kanarraa ka'uun bara bajataa amma keessa jirru kanatti dhaabbileen naannichaa 13 hojmaata bittaa dijitaalaa akka eegalaniif karoorfannee gara hojiitti galleerra.

Hojiin tajaajila bittaa ammayyaa kun dursee akka irratti jalqabuuf kanneen filataman keessaa dhaabbileen torba warra hiyyummaa hir'isuu keessatti shoora olaanaa bahataniifi bajatni mootummaa guddaan ramadamuufiidha.

**Bariisaa**: **Hojmaatni bittaa haaraan kun malaammaltummaafi hanna hir'isuu keessatti hangam abdatama?**

**Doktar Araarsoo**: Gaaffii gaariidha. Adeemsa bittaa ammayyaa dijitaalaafi 'online' kana keessatti wiirtuun adeemsa kanaa biiroo faayinaansii naannichaati. Kanaafuu hoggansi biiroo faayinaansii adeemsa sochii faayinaansiifi bittaa sadarkaa godinaa, aanaafi magaalotaatti raawwataman kallattiidhaan ilaaluuf carraa argata jechuudha. Kana waan ta'eefis adeemsi hannaafi malaammaltummaa kanaan dura tureef haalli hin mijatu jechuudha.

Tajaajila maanuwaalii kanaan dura baratamaa ta'e keessatti garuu gabaasotni dhihaatan guutummaatti kan amantaan irratti gataman hinturre. Sababnisaas irraa hir'isuufi itti dabaluunis jiraachuu akka danda'u waan shakkamaniifi. Kanaaf tajaajilli 'online' kun erga dhufeen booda. Erga gabaasa tokko qophaa'ee booda irra deebi'anii sirreessuun akka hindanda'amne taasifameera.

> ***Hojiin tajaajila bittaa ammayyaa kun dursee akka irratti jalqabuuf kanneen filataman keessaa dhaabbileen torba warra hiyyummaa hir'isuu keessatti shoora olaanaa bahataniifi bajatni mootummaa guddaan ramadamuufiidha***

Jalqabuu tajaajila 'online' kana waliinis hoggansi sadarkaa gubbaarra jiru adeemsa sochii maallaqaa sadarkaalee garagaraatti taasifamu hunda iddoo tokko taa'ee ilaaluu waan danda'uuf qabeenyi tokko maalirra akka oolu, eessatti akka hojiirra ooleefi mallattoo eenyuutiin akka bahii taasifames haala salphaa ta'een hordofuun kan danda'amuudha.

Hojmaata kana osoo dhaabbilee hunda keessatti hojirra oolchuun danda'amee, tokkoffaa tajaajilli si'ataan akka jiraatu taasisa, lammaffaa immoo hojmaatni faayinaansii amantaa guutuun akka raawwatamuuf carraa guddaa uuma. Kana yemmuu jennu garuu, innis kan hojjatamu humna namaatiin waan ta'eef darbee darbee hojmaatni gadheen namoota teknolojii kana sochoosaniin hin uumamu jechuu keenyaa miti. Adeemsa boodatti hafaa si'eessuufi hannaafi malaammaltummaa hundee gadi fageeffatee ture bifa abdachiisaa ta'een ni hir'isa kan jedhurratti hundaa'uudhaan malee.

Hojii guddaan tajaajila ammayyaa hojmaata faayinaansii kanaan furamu inni biraa immoo kanaan dura maallaqni bittaawwan gara garatiif oolu yeroo dheeraadhaaf ogeessaafi hoggansa damee sanaa harka turaayyu. Maallaqni tokko yommuu yeroo dheeraaf harka namaa turutti kan dhuunfaasaa itti fakkaata.

Kanaaf sodaa tokko malee maallaqicha dhimma biraatiif oolchuun waan hinoolleef namoota maallaqa mootummaa nyaatan barbaachaaf olii gadi fiiguun hinhafu. Yeroo sanatti hanga qaama maallaqa mootummaa nyaate himannaa irratti bantee mana murtii dhaabdutti pirojektiin maallaqa sanaan hojjatamuuf yaadamee ture harkifachuusaatiin rakkoo bulchiinsa gaarii biraatiif karaa banee komiin ummataa dhagahamuu eegala.

Kana waan ta'eef, hojmaatni faayinaansii dijitaaloomsuu kun rakkoolee damichaa hangana hinjedhamne furuu kan danda'uufi daran barbaachisaa kan ta'eedha jedhanii fudhachuun ni danda'ama.

**Bariisaa**: **Teknolojiin kamuu akkuma faayidaa qabu miidhaas waan qabuuf hanqinni teknolojii kanaan dhufuu danda'u maali jettu?**

**Doktar Araarsoo**: Akkuma ati jette teknolojiiwwan hedduun akkuma bu'aa qaban cinaatti miidhaas ni qabaatu. Haa ta'uu malee garuu tajaajilli faayinaansii ammayyaa kun bu'aa malee miidhaan inni qabaachuu danda'u hinjiru. Fakkeenyaaf bittaa aanaa tokkorratti raawwatamaa jiru kallattiin yemmuu ilaalaa jirtutti hojmaatni hinmalle yoo mul'ate achumatti akka sirraa'u gochuu dandeessa. Hojmaata badaa kallattiidhaan hordofanii akka sirratu gochuun kun faayidaa malee miidhaa akkamii qabaachuu danda'aree?

**Bariisaa: Naannoon Sidaamaa magaalota guguddoo akka Hawaasaa malee aanaalee keessatti bu'uraalee misoomaa babal'isuu dhabuudhaan yeroo hamatamu dhaga'amaa asirratti maal jettu mee?**

**Doktar Araarsoo**: Hamiin dhageessaniifi odeeffannoon argattanis sirrii miti. Sirreeffamuu qaba ejjannoo jedhun qaba. Inummaayyuu "Magaalota xixiqqoofi

*Gara fuula 7tti*

## KEESSUMMAA BARIISAA

# "Naannoon Sidaamaa gama tajaajila...

aanaalee keessatti bu'uraalee misoomaa babal'isuudhaan Hawaasaa dagattaniitu" komii jedhutu jira. Kana yommuun fakkeenya qabatamaadhaan sitti himu hojii waliinga'iinsa daandii qofa yemmuu fudhanne. daandiiwwan waggoota sadeen kana keessatti naannoo Sidaamaatti hojjataman, kanneen waggoota 40f hojjatamanii turanii oli.

Waggoota sadeen darban qofa keessatti naannichatti daandii baadiyyaa cirrachaa kiiloometira 1600 ol ta'u hojjachuun danda'ameera. Kun immoo waggoota afurtama darbaniif naannichatti waan hojjatamee miti. Bajatuma hojii waliin ga'iinsa daandiitiif waggoota jedhaman kanneen keessatti qabamanii hojirra oolanis yemmuu ilaalte qarshii biiliyoona 2.2 ta'utu hojii kanaaf oole.

Gama bishaan dhugaatiitiin yemmuu ilaallu immoo naannoon Sidaamaa of danda'ee osoo hinhundaa'in duratti uwwisni bishaan dhugaatii magaalaafi baadiyyaa dhibbantaa 38 ture. Waggoota sadeen darban qofatti garuu hojiiwwan babal'ina bishaan dhugaatii dhaabbilee mitmootummaafi qaamolee gara garaatiin hojjataman dhiifnee kan mootummaa naannichaa qofarraa qarshii biiliyoona 1.1 ta'u hojii waliin ga'iinsa bishaan qulqulluu dhugaatii kanaaf akka oolu taasifame.

Hojiiwwan waggoota sadeen kanneenitti waliin ga'iinsa bishaan qulqulluu dhugaatii dabaluuf hojjatamaniin yeroo ammaa uwwisni bishaan dhugaatii naannichaa dhibbantaa 56.3tti ol guddisuun danda'ameera. Kanaafuu, hojiiwwan misoomaa nuti naannicha keessatti raawwannu hundi haqaqabeessummaa giddugaleeffatanii kan hojjataman ta'uu sii mirkaneessuun barbaada.

Hojiiwwan babal'ina daandiifi ijaarsa pirojektota bishaaniitiin walqabatee gaafa Naannoo Kibbaa jala turretti hojjatamaa turan garuu rakkoo haqummaa akka qaban nutis ilaalleerra. Kana qofa osoo hinta'in ijaarsi daandiiwwaniifi riqichaa eegalamanii osoo hinxumuramin waggaa torbaafi saddeet turan hedduun kan xumuraman waggoota sadeen erga naannichi of danda'ee hundaa'ee as ta'uu ibsuun barbaada.

Kanaaf magaalotni akka Hawaasaa kan bulan galii ofiisaaniitiin sassaabbataniin waan ta'eef, galii ofiisaanii hanga barbaade akaakuu misoomaa barbaadaniif oolfachuuf bilisummaafi aangoo guutuu qabu. Nuti osoo maallaqa hedduu qabaannee Hawaasaa kana caalaa misoomsinee nutti tola ture. Garuu hanqinni maallaqaa waan jiruuf, magaalota hanga Hawaasaayyuu bu'uuraalee misoomaa hinguuttanne hedduu waan qabnuuf, xiyyeeffanaan keenya inni guddaan magaalota xixiqqoofi baadiyyaa naannichaa daandiidhaan walitti hidhuurratti kan xiyyeeffatu ta'a jechuudha.

Wandoonis yeroo ammaa Hawaasaatti aanuudhaan magaalaa galii ofiisheetii maddisiiftu taateeti. Karoorri keenya guddaan kana booda irratti xiyyeeffannus dhimmuma magaalota naannichaa akka of danda'aniifi galii ofii maddisiisaniin akka bulaniif haala mijeessuurratti ta'a.

Adeemsi akkanaa kun immoo hojiiwwan bu'uraalee misoomaa bifa murteessaa ta'een deebisanii tajaajilli hawaasaaf kennamu bifa si'ataafi hunda dhaqqabaa ta'een akka



raawwatamuuf daran barbaachisoo akka ta'an amantaa guutuu qabna.

Yoon akkumaa fakkeenyaatti sii kaase, magaalaan Cuukkoo jedhamtu takka naannoo keenya jala jirti. Aanaan Cuukkoo magaalattii marsee argama. Yeroo ammaa haalli galii ofii maddisiisan deebisanii misooma naannawa sanatti hojjatamuuf oolchuurra gahuuf hojii guddaa hojjachaa jiru.

Kanaanis yeroo ammaa bajata magaalattiifis ta'e aanaa magaalattii marsee jiruuf ramadamu keessaa dhibbantaan 90 galiidhuma achirraa sassaabamuun deebisanii misoomaaf oolchuun danda'ameera. Kunis kan agarsiisu naannichatti magaalotni xixiqqoofi aanaaleen hundi dhawaata dhawaataan akka of danda'anii hojiilee misoomaa naannawasaanii hojjachiisaniif kallattiin kaa'amee ture bu'aa qabatamaatti ce'aa jiraachuusaati.

Babal'ina bu'uraalee misoomaatiin walqabatee rakkoon haqummaa yookiin iddoo tokkotti baay'inaan hojjatanii naannawa biraa dagachuun akka hinuumamneef hojiin biraa kan Biiroo Pilaanii Naannoo Sidaamaatiin hojjatamaa jiru jira. Kunis faca'insi bu'uuraalee misoomaa naannichatti hojjatamaa tureefi ammas hojjatamaa jiru maal akka fakkaatu qorannoo qabatamaatiin mirkaneessuuf hojjachaa jira.

Qorannoo kanaanis bu'uuraaleen misoomaa akkamii iddoo akkamii akka jiru, eessatti hanqinni akka jiru ifatti kan agarsiisu ta'a.

Akka waliigalaatti baay'inni pirojektota misoomaa naannoo Sidaamaa keessatti waggoota sadeen darbaniif hojjataman gara naannawa 514 ol yemmuu ta'an, isaanis pirojektota daandii, bishaan qulqulluu dhugaatiifi kanneen biroo kan dabalatuudha.

Ijaarsa pirojektota gara garaa naannichatti hojjatamaa turaniifi ammas hojjatamaa jiraniif waggaa waggaadhaan mootummaan naannichaa qofti naannawa qarshii biiliyoona shanii ramaduudhaan rakkoolee bu'uuraalee misoomaa hawaasichaa furuuf hojjachaa jira.

Waggoota sadeen darbanitti magaalaa Hawaasaa dabalatee magaalotaafi aanaalee naannichaatiif waliin ga'iinsa bu'uuraalee misoomaatiif maallaqni hanga ammaatti saanduqa mootummaa qofarraa baasii taasifame qarshii biiliyoona 13 ol ta'eera.

**Bariisaa: Haala sassaabbii galii walxaxaa biyya keenyatti baratameen magaalotni galii ofii maddisiisaniin qofa akka bulan taasisuun hinulfaatuu laata?**

*Bajata bulchiinsa Mootummaa Sidaamaatiin gandoota Oromiyaa ollaa sana jiraniif pirojektiin bishaanii qabamee yeroo ammaa xumuramee bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu jalqabaniiru*

**Doktar Araarsoo**: Akkuma ati kaafte haalli sassaabbii galii qabsoofi murannoo cimaa kan barbaachisuudha. Haala ammayyaatiin galii sassaabuu gaafata. Ummanni maaliif gibira akka kanfalu irratti hojii hubannoo uumuu bal'aa gaafata. Kanfaltoota gibiraa amanamummaadhaan galiisaaniirraa gibira mootummaa yeroodhaan kanfalan jajjabeessuudhaan badhaasuudhaan akkasumas beekamtii barbaachisu kennuufiidhaan hawaasa kanfalaa gibiraa gidduutti dorgommiin gibira amanamummaadhaan kanfaluudhaan beekamtii argachuu kun akka uumamu irratti hojjachuu kan gaafatuudha.

Nannoon Sidaamaa naannolee lafa bal'ina xiqqaa qaban keessaa tokko ta'uun nibeekama. Sababuma kanaan lafa xiqqaarra namoonni hedduun jiraatu. Yoo namoota muraasaa ta'een ala namni lafa hektaraa tokkoo ol qabu hinjiru.

Dhimmi biraa wanti naannicha yaaddessu babal'ina magaalotaatiin walqabatee lafti omisha qonnaa hir'achaa dhufuu danda'a kan jedhuudha. Hojiileen akka naannichaatti xiyyeeffannoo guddaadhaan hojjataman hojii jiruufi jireenya ummataa kallattiidhaan jijjiiruu danda'aniidha. Kana jechuun hojiin misoomaa xiyyeeffannoo duraatiin hojjatamu hojii jiruu namaa jijjiiruuti.

Hojii misoomaa kana kan hojjannu galii naannichi sassaabeefi hirpha mootummaan federaalaa naannichaaf kennuuni. Haala sassaabbii galii keessoo cimsuun hojiiwwan misoomaa dabalataafi jiruufi jireenya hawaasa naannichaa kallattiidhaan jijjiiruu danda'an bal'inaan akka hojjataman taasisa.

Naannoon Sidaamaa bara 2012 sadarkaa naannootti hundaa'uun dura dandeettiin baasii naannichaa uwwisuusaa dhibbantaa 23 ture. Hojiiwwan hubannoo hawaasaa cimsuurratti hojjatameefi haalli sassaabbii galii gara teknolojiitti akka geeddaramu taasifamuusaatiin galiin naannichaa waan dabaleef, bara 2015tti dandeettiin naannichi baasiisaa uwwisuuf qabu dhibbantaa 44 irra gaheera.

Kana jechuun waggoota lamaafi sadii qofa keessatti dachaa lamaan galii naannichaa guddisuun danda'amuusaa kan agarsiisuudha. Milkii kanarraa ka'uudhaanis bara ittaanutti dandeettii baasii naannichaa uwwisuu gara dhibbantaa 50tti ol guddisuuf hojii bal'atu hojjatamaa jira.

Akkuman dura siin jedhe bal'inni lafa naannichaa isa naannolee hedduutii gadi ta'us, haala galii keessoo cimsuudhaan dandeettii baasii ofii uwwisuu keessatti garuu naannoleen lafa bal'aafi ummata hedduu qaban milkaa'ina akkanaa kana galmeessisuu hindandeenye.

**Bariisaa: Dhumarratti mee naannoon Sidaamaa daangaa dheeraa kan qooddatu naannoo Oromiyaa waliini, walitti bu'iinsi naannawa daangaa bulchiinsaatti tanaan dura mul'achaa ture amma sadarkaa maaliirra jira?**

**Doktar Araarsoo**: Gaaffii bareeda nagaafatte. Naannawa daangaa bulchiinsa Sidaamaafi Oromiyaatti sababoota gara garaatiin walitti bu'iinsi xixiqqaan uumamaa akka ture ni beekama. Walitti bu'iinsa kana garuu osoo qaamni biraa gidduu hinseenne jaarsotuma (jaarsa biyyaa) gama lamaaniin jiraniin furamaa ture.

Ummattoota daangaa bulchiinsaa Oromiyaafi Sidaamaarra jiraatan misoomaan walitti hidhuun waan eegalameef waggoota sadeen darbanitti garuu rakkoon walitti bu'iinsaa sababa daangaa bulchiinsaatiin ummattoota obbolaa lamaan gidduutti uumamaa ture furamaa jira.

Hojiiwwan waliin jireenya ummattoota lamaanii caalaatti walitti hidhan keessattuu misoomaan ummattoota daangaa bulchiinsaarra jiran walitti hidhuuf hojjatameen rakkooleen kanaan dura turan hir'achuu qofa osoo hintaane, miirri obbolummaa gidduudhaan laafaa tures deebi'ee cimaa dhufeera.

Fakkeenyumaaf sii kaasuuf, bara darbe kana aanaa naannoo Sidaamaa jala jiru tokkoof bishaan dhugaatii (boonoo) baafnee turre. Akka carraa ta'ee iddoon nuti bishaan dhugaatii ittibaafne daangaa bulchiinsaa aanaalee Oromiyaati. Gandootni Oromiyaa ollaa sana jiran osoo bishaan kun dhiheenyasaaniitti hojjatamee jiruu dheebuu buluu hinqaban jechuudhaan isaanis carraa ijaarsa bishaanichaa akka argatan taasifameera.

Bajata bulchiinsa Mootummaa Sidaamaatiin gandoota Oromiyaa ollaa sana jiraniif pirojektiin bishaanii qabamee yeroo ammaa xumuramee bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu jalqabaniiru.

Hojiin kun waan guddaa ta'ee osoo hintaane, xiqqaatus wanti ummata walitti dhiheessuufi obbolummaa cimsu hojjatamuusaatiin waggoota sadeen darbanitti walitti bu'iinsi daangaa bulchiinsaa tanaan dura irra deddeebiin ka'aa ture amma hinjiru.

Naannoon Sidaamaa dhibbantaa 80 kan waldaangeessu naannoo Oromiyaa waliini waan ta'eef, bakka ummata daangaa bulchiinsaa dheeraa waliin qabu kana faana osoo nagaa waaraa hinbuusin hojii misoomaas ta'ee rakkoo nageenyaa naannichaa furuun akka hindanda'amne waan beeknuuf hojiiwwan caalaatti ummattoota kanneen walitti hidhaniifi misooma waliinii waliin hojjatanirratti xiyyeeffannoo guddaan hojjachaa jirra.

**Bariisaa: Ani gaaffiilee koo xumureeraa isin waan dabaltan yoo qabaattan?**

**Doktar Araarsoo**: Wantin dabalu hinjiru. Garuu haala hojii naannoo keenyaa ummata bal'aa biyyattiitiif ibsuuf waan nu affeertaniif galatoomaa isiniin jechuun fedha.

**Bariisaa: Isinis yeroo nuu kennitaniif ulfaadhaa!**

AADAAFI AARTII

# Artisti Halloo Daawwee weellistuu qofa utuu hintaane qabsooftuu cimtuu turte

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Artistii gameettiifi jaalatamtuu Oromoo Halloo Daawwee Sanbata darbe du'aan addunyaa kanarraa kan boqotte yoo ta'u, sirni geggeessaafi awwaalcha reeffashee Wiixata darbe Magaalaa Adaamaatti bakka maatiin, firoonni, hoggantoonni mootummaa naannoo Oromiyaa, Dirree Dhawaafi Federaalaa akkasumas artistoonniifi dinqisiifattoonni, jiraattonni Magaalaa Adaamaafi keessummoonni gara garaa argamanitti raawwatameera.

Reeffi Artisti Halloo Daawwee mana jireenyaasheerraa Maarshi Baandii Oromiyaatiin dabaalamee Istaadiyoomii Abbabaa Biqilaa geeffamuun achitti erga haasaan hoggantoota mootummaafi artistootaan taasifamee booda salaatni taasifameefii iddoo awwaalchaatti sirni awwaalchaa raawwatameera. Reeffa Artisti Halloo Daawweetiif geggeessaan gootaa taasifameera.

Sirna geggeessichaarratti seenaa artistittii kan dhiyeessan Obbo Maammad Qophee akka jedhanitti, Halloon bara 1954 Abbaashee Obbo Daawwud Abdallaa Aliifi haadhashee Aadde Faaxumaa Hasanirraa Magaalaa Dirree Dhawaarraa gara bahaa, Araddaa Biyyoo Awwaallee jedhamutti dhalatte.

Maqaanshee kan dhalootaa Haliimaa Daawwid ture. Ijoollummaashiitiin intala jabduu kan waantota agarteefi dhageesse hunda daftee qabattu waan turteef maqaanshee gara Halloo Daawweetti jijjiirame. Halloon maqaa muka jabaa naannawa gammoojjiitti argamu hoggaa ta'u, ciminashee agarsiisuuf jecha maqaa muka kanaan moggaafamte.

Halloo Daawwee ijoollummaasheetiin Dirree Dhawaatti galtee akkooshee Aadde Kadijjaa Hasan biratti guddatte. Iccitiin dandeettii cimina, beekumsa, gamnummaa, sabboonummaafi gootummaashees maatii gamna, biyya jaalatuufi hawaasa Dirree Dhawaa kan eenyummaasaa jaalatu, aadaasaa kabaju, nama hunda ofitti qabee jaalalaan wajjin jiraatuufi magaalaa handhuura sabboonummaa Oromoo taate keessatti guddachuushee ture.

Artistii hangaftittiin tun ijoollummaasheetiin kennaa artii guddaa kan qabdu, aadaashee daran kan jaalattu, weedduufi wallee, heelleefi shaggooyyee taphachuufi hiriyootashee shamarraniifi dardarranii wajjin hawaasa bohaarsuudhaan kan beekamtu turte.

Bara 1968 magaalaa Dirree Dhawaatti hawwisoon Biiftuu Biyya Teenyaatti hundaa'uun giiftiin artii hangaftiittiin kun kennaa addaa wajjin dhalatteefi daa'imummaasheetiin daddagaagsaa dhufte sadarkaa olaanaan mul'iftee hojii guddaa haadha artii Oromoo ishee taasise akka hojjattuuf karaa baneef.

Hawwiisichi bu'uura hawaasa bal'aarratti kan ijaarame, gargaarsa ummataatiin meeshaa muuziqaa ammayyaa kan hidhate, rakkoo hanqina artiistoota shamarranii baandiilee Oromoo mudatee ture kan hiikeefi yeroo jalqabaatiif shamarran walistootaafi shubbistoota ciccimoon kan guutameefi gara caalaa walleelee qabsoo mirgaa, haqaafi bilisummaa ummata keenyaarratti xiyyeeffatan ummataaf dhiheessuudhaan ummata boharsuufi qabsoof kakaasuuf qooda guddaa gumaachee ture.



*Artisti Halloo Daawwee*

Artisti Halloo Daawwee warra hawwisoo kana keessatti tajaajiluuf baandichaatti makaman warra akka Faaxumee Mahammad, Fooziyaa Mahammad, Haajaraa Adamfaa wajjin ta'uun hojii artii umriishii guutuu ummata keenya ittiin tajaajilte, darara guddaa itti argite garuu ammoo kutannoofi gootummaa olaanaan rakkoolee hunda injifattee ummaatashee ittiin tajaajilteefi beekamtiifi jaalala guddaa ittiin horattee tokko jettee jalqabde.

Halloon sirba, "Barbaannee walbarraa" jedhuun hojii artii jalqabde. Yeroon sun yeroo murteessaa ummanni keenya walbaruun, walitti dhiyaachuufi tokkoomee mirgaafi bilisummaasaatiif qabsaa'uun dirqama dhaloota itti ta'e ibsuudhaan Oromoon gamaa gamanaa walitti dhiyaatee haqasaatiif akka falmu waamicha lammummaa kanitti dhiheessite ture.

Halloon bakka burqaa artiistota guguddoo Dirree Dhawaatti osoo tajaajilaa jirtuu, bara 1969 Amajjii keesa yeroo jalqabaatiif artistoonni Oromoo kutaalee Oromiyaa jaha keessaa handhuura Oromiyaa, Finfinneetti walgahanii Galma Tiyaatira Biyyaalessaatti agarsiisa artii Oromoo ummataaf dhiheessan keessaa tokko.

Halloon agarsiisicharratti hawwisoo Biiftuu Biyya Teenyaa wajjin wallee qabsoof ummata kakkaasuu wallisuudhaan beekamitiifi jaalala ummataa guddaa gondafatte.

Baandiin Biiftuu Biyya Teenyaa gahee Halloofa'iin madda artistoota babbeekamoo ta'ee guddachaa dhufuun sadarkaa biyyaatti beekamee, hawwiifi fedhii ummata Oromoorratti hundaa'ee sagaalee ummataa ta'uun, aaadaafi artii Oromoo dagaagsuuf shoora guddaa gumaachaa dhufe.

Meeshaan muuziiqaasaa Dargiidhaan dhaalamee gaafa artistoonni baandicha keessa tajaajilaa turan hidhaman warra mana hidhaatti dararaa guddaan irra gahe keessaa Halloo Daawwee tokko turte.

Hawwisoon Biiftuu Biyya Teenyaa waan dhiibbaa mootummaatiin diigameef Halloon erga hidhaadhaa baatee Magaalaa Hararitti galtee hawwisoowwan Waldaa Qonnaan Bultootaa Harargeefi Caffee Gadaa keessatti tajaajilaa turte.

Artii meeshaa qabsoo godhattee qabsoo Oromummaa dagaagsuuf taasisaa turte cimsitee ittifufuudhaan maaykiraafoonii muuziqaa dhiiftee baddaa gammoojjii keessa naannoffee qabsaa'aas turteetti. Yeroowwan adda addaas hidhamuudhaan dararamaa turteetti.

Artistiifi qabsooftuu Halloon tajaajila artii bara dheeraa keessatti dhuunfaasheetiin walleelee kaaseta 10, hiriyootashee wajjin kaaseta 13, waliigalaatti albama ykn kaaseta 23 hojjattee ummataaf dhiheessuudhuudhaan seenaa artii Oromoo keessatti artiistii hangafa walleelee hawwatoo baay'inaafi qulqullinaan qopheessuun seenaa addaa hojjatteetti. Walleeleenshees ummata kan boharsan, jaalala kan roobsaniifi qabsoof kan kakaasan turan.

Halloon hojii artii hojjetteen Haadha Artii Oromoo taatee onnee ummata Oromoo keessatti bara baraan yaadatamti. Hojii artiisheetiin artiifi aadaa Oromoo guddisuufi haqa ummatichaatiif falmuu keessatti gumaacha guddaa taasisteetti.

Haadha ijoollee sadii kan turte Artisti Halloon yeroo dheeraaf dhukkubsattee wal'aanamaa turtus barri jireenyaa Rabbii biraa kennameef waan xumurameef Onkoloolessa 3 bara 2016 boqottee umriishii waggaa 62tti addunyaa kanaraa godaanteetti.

Kantiibaa ittaantuun Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Aadde Hinseenee Mahaammad akka jedhanitti, Artisti Halloon sirboota gurraafi qalbii namaa hawwatan hedduu sagaleeshee kiiloleedhaan ummataaf dhiyeessaa turte. Halloon yeroo Afaan Oromoo Raadiyoo cabsa jedhamaa turetti Afaan Oromootiin sirbuudhaan artistii guddina aadaa Oromoof gumaacha guddaa taasisteedha.

Daandii Halloon saaqxeen artistoota dubartootaa hedduu horachuun danda'ameera. Artistiin tun goota seenaan yoomiyyuu hindaganneedha. Maatii, firoottan, dinqisiifattootaafi ummata Oromoo hundaaf obsa hawwaa ishee ammoo Rabbi jannata qubsumashee haataasisu jedhan.

Pirezidaantiin Waldaa Artistoota Oromoo Artisti Tsaggaayee Dandanaas, umuriishee waggaa 15 irraa eegaltee hojii artii keessatti hirmaachaa kan turte Halloo Daawwee haadha Oromoo, haadha bilisummaa, haadha aartii Oromoo maayikii qofa osoo hintaane qawwee qabattee bosona galtee ummata Oromoofi Oromiyaaf qabsaa'aa turte. Halloon artistii dubartii cimtuu sirna cunqursaa keessatti Afaan Oromootiin sirbuun bilisummaa Oromoof nama falmaafi qabsaa'aa turteedha. Isheen haadha eenyummaa, qubee, seenaa, siinqee hangaftittii utuu ofii hinjiraatin ummataaf jiraattee darbiteedha jechuun ibse.

Ittifufuunis gumaachashee kanaaf geggeessaan gootaa taasifameera. Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa, artistoota, qaamolee hawaasaafi hoggantoota mootummaa sirna awwaalcha Artisti Halloorratti argamanis galata qabu jedheera.

Artisti Saaliyaa Saamiis Halloon dubartootaaf fakkeenya bilisummaafi of ta'uu, ofitti amanamummaati jechuun ibsite.

Halloon dargaggoonni Oromoo cunqursaa bara Dargii ummata Oromoorra gahaa ture akka mormaniifi falmataniif sirba isheetiin kakkaasaafi onnee itti horaa turte. Halloon sabbata ishee ofirraa hiiktee mudhiitti na hiitee hojiin dadhabe galmaan gahi jettee amaanaa guddaa natti kennite. Anis imala Halloon Daawwee jalqabdee darbite hangan danda'etti milkeessuuf waadaan gala jetti.

Bara Artistii Oromoo kan akka Eebbisaa Addunyaa, Musxafaa Marawwee Finfinneetti lafarra harkisanii ummata duratti akka malee godhan agarreerra. Har'a ammoo haala artistoota keenya madaaluun geggeessaa gootaa taasisneefii kabajaan geggeeffachaa jirra. Jijjiiramni kun salphaatti hindhufne. Jijjiirama wareegama itti kaffallee fidne tokkummaa keenya caalaatti cimsuudhaan jabeeffachuu qabna jetti.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Dirree Dhawaa Obbo Kadir Juhaar akka jedhanitti, artistoonni keenya yeroo du'an hidhii ciniinuufi gadduufii qofa utuu hintaane yeroo isaan rakkataniifi dhukkubsatanittis bira dhaabbachuu qabna.

Halloon sirba qofa osoo hintaane meeshaa waraanaa hidhattee bosona galuudhaan qabsaa'aa turte. Namni hundi yeroo isaaf katabame xumuree gara fuula Rabbii dhaquunsaa hin oolu. Jireenyi addunyaa rakkoolee hedduu waan qabuuf hundi keenya kan rakkate gargaarree, kan dhukkubsate wal'aannee tokkummaa nagaafi jaalalaan waliin jiraachuu qabna jedhu..

Hogganaan Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa Obbo Huseen Fayyisoo akka jedhanitti, Artisti Halloon sirbootasheetiin Qeerroofi Qarree diddaa gabirummaatiif kakaasaa; walqixxummaa dhala namaatiifis qabsoo cimaa taasisaa turte. Sirbaanis ta'e qabsoodhaan dubartootaaf fakkeenyummaan eeramti. Seenaan yoomillee hindagatamtu.

Artistiin tun sirboota isheetiin waa'ee tokkummaafi waliin jireenya Oromoo labsiteetti. Cunqursaa ummata Oromoorra gahaa ture sirbasheetiin addunyaan akka hubatuuf labsaa turte. Yeoo ummanni Oromoo rakkoo hamaa keessa ture dhukkubsatteellee hincallifne. Artii Oromoo guddisuufi babal'isuu keessattis qooda olaanaa qabdi. Biiroon keenya galaa Halloon dhalootaaf gumaachite akka bara baraan yaadatamuufi dhalootaa dhalootatti darbuuf xiyyeeffannoon hojjeta.

*Gara fuula 15tti*

# Abbaa Sa'aa

## Coba bishaaniirraa hanga balbala galaanaatti...



Suurri: Daanyee Abarraatiin

*Abiyyi Ahimad (PhD)*

**Kutaa Qophiitiin**

Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahimad (PhD) torban kana dhimma galaana diimaa ilaalchisuun ilaalchi namootaa maal fakkaata? Yaadni jiruwoo sirriimoo sirrii miti, ta'uu qabamoo hinqabu? Lammiileen Itoophiyaa hundi dhimma kanarratti mari'atanii ijoolleessaaniif waan gaarii dabarsuu qabamoo hinqaban? Dhimmoota jedhaniifi kanneen biroorratti Miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf ibsanii turan.

Akka isaan jedhanitti dhimmi kun dhimma paartii osoo hintaane fedhii biyyaalessaa ummataa waan ta'eef iccitii, maalummaafi amala bishaanii sirnaan hubatee qaamni guutummaatti hiika kennuufi danda'u addunyaarra hinjiru. Saayintistoonni addunyaarra jiranis bishaan beekuuf kan tattaafatan malee kan beekanii fixan miti. Hiika kennameef irra darbanii hiika itti kennuuf bal'inaan ilaaluu barbaachisa. Qabxiilee isaan kaasanis akka maxxansaaf tolutti qindeessineerra.

**Dhimma Galaana Diimaa**

Waanti ka'uu qabu waa'ee galaana diimaati. Yeroo baay'ee madda walitti bu'iinsaa ta'a jechuun kaasnee waa'eesaa hindubbannu. Inni lammataa Abbayyaa yoo ta'u sadaffaan ammoo waa'ee Afrikaa waliigalaati. Dhugaan bishaaniifi haalli biyya keenyaa akkamiin ilaalama? Bishaaniifi Itoophiyaanoo akkamitti ilaalamu?

**Bishaaniifi Itoophiyaa**

Itoophiyaa jechuun odola bishaaniin marfamteedha. Garuu biyya bishaan dheebottuudha. Akkasumas biyya bokkaan haalaan itti roobuufi laftishii jallillee bishaaniin guutameedha. Galaanni Indiyaafi Diimaan gubbaafi gajjallaadhaan biyya ishee marsaniidha. Kun maaliif ta'e jedhanii gaafachuu barbaachisa. Kana malees balballi galaanaa maaliif akka barbaachisullee ilaaluun gaariidha.

Itoophiyaan biyya gidduu galaana Diimaafi laga Abbayyaatti argamtuudha. Kanaaf bishaan inni kun si ilaallata, kunimmoo sin ilaallatu yoo jedhame hintahu. Itoophiyaa waliin ammoo Ertiraa, Sudaan, Misiris karaa lamaaniinuu isaan ilaallata. Kanaafi, yommuu waa'een Laga Abbayyaa ka'u, nuti bishaan keenya jennee yoo dubbannellee keessan qofa miti kan jedhamnuuf. Waa'ee Galaana Diimaa garuu miseensota paarlaamaa birattillee dubbachuun akka dhorkaatti ilaalama.

Waa'ee laga Abbayyaa qabeenya bishaan biyyaa ta'ee, maallaqa biyyaatiin hojjetamu ajandaa kamirratti namni irratti dubbachaa, nuti garuu waan guddaa hamma Galaana Diimaarratti dubbachuu maaliif sodaanna? Fudhachuun yoo hafe barbaachisummaafi faayidaasaarratti dubbachuun rakkoo maalii qaba?

Galaanni Diimaafi Abbayyaan Itoophiyaa kan murteessan, hidhata olaanaa kan qabaniif guddinaafi badiinsa biyyattiif bu'uura olaanaadha. Sababoota ji'oograafii, seenaa, eenyummaafi dinagdeetiin Itoophiyaan gaaffii seeraqabeessa qabdi waliigalteen jedhu tureera. Kanaaf waliigaltee kana sakkatta'uun barbaachisaadha. Kanarratti namoonni tokko tokko dhimmi kana dhiisnee osoo hinkaasiin teenyeerra, ammas utuu nutti hafeewoo? Biyyoota ollaa waliin yoo walitti nu buusewoo? sodaa jedhu qabu.

Ummanni biyyattii miliyoona 50 ture, ALA bara 2030tti miliyoona 150 akka qaqqabu tilmaamni ni jira. Ummanni hangas mara baay'atu ji'oograafiidhaan hidhamee taa'uu hindanda'u.

Sababnisaa akkuma beekamu hiyyummaan waan jiruuf bakka ta'etti dho'uunsaa hinoolu. Kanaaf ammoo ummanni waliin dubbachuufi mari'achuun bifa qabsiisuu qaba. Sababnisaas waa tokko baatanii turuutu nama naaffisa malee yeroo gabaabaaf baachuun rakkoo miti.

Dhimma Galaana Diimaarratti hinmari'annu taanaan dhimmoota qamadii, ashaaraa magariisaa, maaddii guutuufi kkf rrattis mari'achuun hiika hinqabu. Sababnisaas gaafa hojjennee, qarshii sassaabnee bakka manii keenyaa, badhaadhinarra geenyu sababa Galaana Diimaatiin kan dhabnu taanaan bu'aa hinqabu.

Jalqabarratti haa mari'annu. Isa booda yeroosaa miti, faayidaansaas hangas mara miti yoo jenne itti dhiisuu dandeenya. Eenyuyyuu waa'ee dhimma Abbayyaarratti nu sodaatee hinbeeku; nuti maaliif waa'ee Galaana Diimaa dubbachuu sodaanna isa jedhu dhaabannee ilaaluu qabna.

Takkazeen Eertiraa, Xaanaan Sudaaniifi Misir, Baaroon Sudaan Kibbaa, Oomoon Keeniyaa, Gannaalee Dawwaafi Waabii Shabaleen Somaaliyaa deemu.

Olloota Itoophiyaa keessaa kan biyyattiirraa bishaan hinfudhanne Jibuutiidha. Isheenis fudhachuu qabdi jennee ujummoo diriirsinee, elektirikii kanfallee bishaan kennineerraaf. Bishaan nuti kenninuuf ammoo bishaan qulqulluudha. Itoophiyaaf garuu biyyi bishaan qulqulluu liitira tokkollee kennuuf hinjiru.

Garuu kan keessan hirmaannaa keenya hingaafatiinaa jechuun sirrii miti. Waliin jiraachuufi nageenya yaadnaan nutis isaanirraa, isaanis nurraa haala madaalliisaa eeggateen walii qoodaa jiraachuu qabna malee, gaafa nurraa fudhatamu sirrii, gamaa fudhachuun kan hingaafatamne taanaan haqaqabeessummaan hinjiraatu. Yoo haqni hin jiraannemmoo dhimma yerooti malee walnama lolchiisa.

**Seenaa Galaana Diimaafi Itoophiyaa**

Raas Aluulaa Abbaa Naggaa, "Galaanni Diimaa mataasaatiin daangaa uumamaa Itoophiyaa ta'ee jiraateera; ni jiraatas" jedhu. Kun ogummaadha. Kanarratti seenaa kaasan. Seenaammoo kennuunis fudhachuunis hindanda'amu. Utuu teenyee ilaallee ogummaa hiikamu baay'ee qaba. Waan Galaanni Diimaa nutti dhihoo ta'eef nuu mala hinjenne. Daangaa uumaamaati jedhan malee.

Seenaa keessatti daangaa Galaana Diimaa dheeraa eegaa kan turan mootummoota Aksum (Aksumaayit Kingdam) turan. Kitaaba Idaa'amuu keessatti "Yeroo Galaana Diimaaf dhihaannuufi fagaannu" jedhee kan eerames kanarratti bu'uureeffachuuni. Yeroo itti dhihaannu Mootota Aksum jedhamnee mootummoota addunyaa keessaa tokko turre. Yeroo irraa fagaannu ammoo akkasuma dhiifama jechuudha.

Kanaaf rakkoo guddaa kan ture "Akkamiin ittidhihaanna?" isa jedhuudha. Waanin ummata miliyoona 120, raayyaa cimaafi humna qabuuf nama loleen dhihaadha? Yoo jettan, akkana gochuun nurra hinjiru. Waraanaafi ajjeechaadhaan ta'uu hinqabu. Akka akkas ta'uuf ammoo dhugaa haaluunis sirrii miti. Maalis ta'u maal waa'ee Galaana Diimaa yeroo Aluulaas ta'e yeroo Jaanhoyitti seenaan waan nutti himu qaba jechuudha. Waan ammuma sammuun namaa uume osoo hintaane dhugaawwan seenaadhaan walqabataniifi irratti waliigallu ni jiru.

**Qubata ummata Itoophiyaafi Galaana Diimaa**

Qubata ummata (dimoogiraafii) Itoophiyaa yoo ilaalle daangaarratti bakki rogsadee Affaar (Afar triangle) jedhu ni jira. Affaaronni Itoophiyaas, Jibuutiis, Eertiraas ni jiru. Dimoogiraafiidhaan yoo ilaaltan Affaaronni miliyoona 1.5 sararaan Galaana Diimaa akka ilaalan taasifamanii jiraatu. Kanaaf seenaadhaanis, dimoogiraafidhaanis hinhojjetu jechuudha.

Affaar qofa miti Somaaleedhaanis ilaaluu dandeenya. Somaalonni Itoophiyaa, Jibuutii, Keeniyaafi Somaaliyaa keessa jiru. Somaaleen Jibuutii jiru Galaana Diimaa ni argata. Inni Somaalee jirummoo Galaana Diimaas, kan Indiyaas ni argata. Inni Keeniyaa jirummoo Galaana Indiyaa argata. Inni Itoophiyaa jiru qofaasaa waan maal maqeef dhabe isa jedhu ilaaluun barbaachisaadha.

Addunyaarra biyyoonni balbala galaanaa hinqabne (land locked) ta'an 44tu jiru. Akka Afrikaatti ammoo biyyoonni 17 balbala galaanaa hinqaban. Biyyoota kanneen keessaa garuu hamma baay'ina ummata Itoophiyaa kan qabu hinjiru. Ummanni biyyoota 17n Afrikaa yoo walitti ida'ame tokko sadaffaan Itoophiyaanota.

Yommuu balbala galaanaa fayyadamuuf gaafannu akkanumaan miti. Fakkeenyaaf hidhi guddichi Itoophiyaa dhumaa jira. Kanaaf dhibbantaa 20s ta'e 30 fayyadamaatii, nuti ammoo Asab ykn bakka biraarratti invasti goona, ykn daandii qilleensa guddicha Afrikaa kan ta'e Daandii Qilleensa Itoophiyaarraa dhibbantaa muraasa qooda bitadhaa, nuuf ammoo balbala galaanaa eeyyama jenne. Nuti ni fudhanna qofa hinjenne. Dhimma Abbayyaafi Takkazeerratti mari'achaa Galaana Diimaarratti hinmari'annu jechuun garuu hinta'u.

Akka ragaan mootummoota gamtoomanii eerutti omisha waliigalaa biyyaa ('GDP') keessaa % 20-30 kan qabatu balbala galaanaati. Fakkeenyaaf Itoophiyaan kanaan biliyoona 100 argatti taanaan utuma beektuu biliyoona 25 dhabdeetti jechuudha. Akka Itoophiyaatti balbala galaanaatti dhihoo ta'ee balbala galaanaa kan dhabe hinjiru. Kanaaf dhimma kanarratti dubbachuun dirqama.

Itoophiyaan balbala galaanaa qabaachuunshee dhimma dinagdeetisi. Beektonni dinagdee hidhamaa ji'oograafii ta'uun hiyyummaa tole jedhanii fudhachuu akka ta'e barreessaniiru. Utuu iji keenya arguu waan guddinaafi nageenya ittifufiinsa qabu fidu callisnee ilaaluu hindandeenyu.

Afrikaa keessatti waan hundaan biyya cimtuu ta'uuf Itoophiyaan dandeettii qabdi. Baay'ina ummataa, qabeenya uumamaafi humna nama baratee qabdi. Waa'een balbala galaanaa dhabuu garuu bakka qabachuu qabdu akka hinqabanne dhorka.

Kanaaf nuti amma filmaata kaminuu haa ta'u balbala galaanaa qabaachuu barbaanna. Sababnisaas amma baay'inni keenya dabalaa jira. Guddachuu barbaanna. Kanaaf waan callisnee dhiisuu qabnu miti. Yoo xiqqaate amma marii jalqabnee ijoolleen keenya fuulduratti itti haa fayyadaman. Kanfaltii nuti buufata galaanaaf waggaa lama sadiif kanfallu hidha guddicha ykn warshaa xaa'oo ykn pirojektii guddaa tokko hojjechuu waan danda'uuf ittiyaaduun dirqama.

# Qarreefi Qeerroo

## Natsaannat Asaffaa: Dargaggoo qaroo hinqabne, dhaga'uufi dubbachuu hindandeenye garuummoo miira hindanda'amuu nidanda'amaatti jijjiire

**Waasihun Takileetiin**

"Waaqni cittoo namatti fide qeensa nama hindhowwatu" jedhama. Miidhamummaa qaamaa jechuun dandeettii ykn ga'umsa dhabuu jechuu akka hintaane hojiilee isaan jiruufi jireenya mo'achuuf hawaasaa keessatti qabatamaan raawwachaa jiraniifi jijjiirama guddaa isaan galmeessisaaa jiran ilaaluun gahaadha. Miirri kutannaafi fedhiin jiraannaan waanti hindanda'amne hinjiru; ga'umsa miidhamtoonni qaamaa dinagdee mataasaaniis ta'e kan biyyaa jijjiiruu keessatti qaban qabatamaan mul'achaa waan jiruuf.

Miidhamtoonni qaamaa hojiilee namoonni kaan hojjetan mara keessatti hirmaatanii ofiifis biyyasaaniifis bu'aa buusaa jiru. Kunimmoo warra otoo qaamaa guutuu qabanii hojii malee taa'aniif fakkeenya gaarii ta'a.

Gaazexaan Bariisaas odeeffannoo dhimma kanaan walqabatu Magaalaa Bishooftuurraa argachuun dargaggoo umriisaa waggaa 10tti qaroosaa dhabe, dhaga'uufi dubbachuu hindandeenyeefi jireenyasaa mo'achuufimmoo tattaaffii gochaa jiru tokko dubbiseera.

Dargaggoon kun arguus ta'e dubbachuu waan hindndeenyeef mudannoofi muuxannoosaa ilaalchisuun turtii haadhasaa Aadde Warqee Hayiluu wajjin taasisne haala armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Dargaggoo Natsaannat Asaffaa jedhama. Dargaggoon kun Magaalaa Bishooftuu kan jiraatu yoo ta'u, hanga umriisaa waggaa 10tti fayyaalessa ture. Booda keessa osoo mana barumsaatii galuu daandiirratti kufee imalliifi qabsoon jireenyaa akkasumas mul'anni jijjiirama egeree isa keessa jiru akka ibsaa dhaamuu kaasu harmeensaa Aadde Warqeen.

Taateen kun waggoota 18 dura Natsaannat kan mudate yoo ta'u, guyyaa tokko mana barumsaarraa osoo galuu kufuusaan walqabatee ijisaa arguu, gurrisaa dhaga'uufi dubbachuu dadhabuu kan himan haatisaa, guyyaa inni mana barumsaarraa osoo galuu kufe sana gara Finfinneetti fiduun hospitaala 'Xiqur Anbassaa'tti yaalaaf dhufee wayita qoratamu dhibee narviif saaxilamuu, kana malees fayyuu akka hindndeenye ragaan mana yaalaa kan ibsu ta'uu dubbatu.

Yeroo Dargaggoo Natsaannat miidhaa qaamaa sadaniif saaxilameerraa kaasee baatii tokkoof miira aarii, jeeqamuufi of jibbuu keessa turuu kan himan haati dargaggoo kanaa, adeemsa keessa garuu hojii ogummaa gara garaa mana keessatti hojjechuu eegaluusaan tasgabbii argachuu akka jalqaban dubbatu.

Arguu, dhaga'uufi dubbachuu erga dhaabee waggaa 18 kan lakkoofsise Dargaggoo Natsaannat, hojjetee jireenyasaa mo'achuuf garuu waanti isa daangesse hinjiru. Dargaggoon miidhamaa qaamaa arguu, dhaga'uufi dubbachuu hindandeenye kun hojii gara garaa mana keessatti hojjechuu erga eegalee jireenyisaa tasgabbaa'aa dhufeera.

Hojii akka hojjetuuf kan isa kakaasemmoo jalqaba wayita qarooonsaa fayyaa ture harmeensaa gundoo hodhanii isaafi obboleeyyansaa jiraachisaa waan turaniif hodhaa gundoo duraan harmeessarraa bare hodhaa turuusaati.

Akkuma, Waaqni cittoo namaa kenne qeensa nama hindhowwatu jedhamu Dargaggoo Natsaannat erga arguufi dhaga'uu dadhabee ogummaa gundoo hodhuutti cimuun maallaqa argatuun jireenyasaa mo'achuuf duubatti hinjenne. Kana haatisaa ragaa bahuuf, "Gundoo miidhagaa hodhee gabaaf dhiyeessaa jira" jechuun.

Erga gundoo hodhee gabaaf dhiyeessuu jalqabee bubbuleera kan jedhan Aadde Warqeen, dargaggoon kun hojii mana keessaa gara garaas hojjechaa jira. Akkuma warra qaroo qabuu barii hirribaa ka'ee fuulasaa dhiqatee, ilkaansa qulqulleeffatee bakka ciisichasaa bareechee kan afatu ta'uus eeraniiru.

Akka haatisaa jedhanitti, dargaggoon kun akkuma namoota bukoo bukeessee buddeen ni tolcha, buna tumee ni danfisa, ittoo ni hojjeta. Jallaattiis qopheessee gurgura.

Dargaggoo qaama miidhamaa kanaan alatti ijoollee afur qabaachuu kan himan Aadde Warqeen, abbaan warraasaanii bara lola Baadimmee duulee achitti wareegamuu himu. Ergasii as qofaasaanii ittigaafatamummaa ijoollee guddisuu fudhatanii kufanii ka'aa jiru.

Kanarrattimmoo ilmisaanii Natsaannat miidhamaa qaama waan ta'eef hojii gundoo hodhuu kana ilmisaaniis hojichatti akka bobba'u gochuun ofiifi ilmaansaaniitti abdii jireenyaa horaa nama har'aa ta'aniiru.

Natsaannat kutannoofi kaka'umsa hojii adda ta'e kan qabu yoo ta'u, osoo deeggarsa argatee kanaa olitti dinagdeesaa guddisuu danda'a kan jedhan haatisaa, dargaggoo amala gaariifi kutannoo hojii qabu kanaaf otoo haalli mijateefii gaarii ta'uu dubbatu.

Hamman lubbuun jirutti ilmakoo gammachiisuuf duubatti hinjedhu kan jedhan Aadde Warqeen, du'uun hinoolu, hangasitti garuu ilmisaanii rakkatee arguu akka hinbarbaanne kaasu.

Dargaggoon kun miidhama qaamaa isa mudate kanaan osoo hinsakaalamiin galii gundoo hodhee argatuun jireenya isaa ittiin jijjiiraa kan jiru yoo ta'u, namoota utuu qaama guutuu qabanuu rakkoo hojidhabdummaaf harka kennaniif fakkeenya gaarii ta'a. Qaama guutuu, qabeenya uumamaa hintuqamneefi ogummaawwan garagaraa hojjennee ittiin jireenya keenya jijjiiruu dandeenyu osoo qabnuu hojii malee taa'uufi dinagdeen kufuun qaaniidha jedhu haatisaa.

Qabsoo jireenyaa mo'achuuf Dargaggoo Natsaannat taasisaa jiru daran ulfaataa ta'us miira nidanda'amaa isa keessa buleen har'a of jiraachisaa jira. Dinagdeen caalanii argamuufi hojjetanii jireenya giddugaleessaa jiraachuun cimina yoo ta'u, osoo beekumsa, humnaafi qaama guutuu qabanii eeggattummaa jalatti kufanii hiyyummaaf harka kennuun sirrii miti. Humnaafi beekumsa qabnu hojiitti jijjiiruun hiyyummaa, eeggattummaafi kufaatii dinagdee numudaturraa of baraaruuf kutannoofi kaka'umsa hojii dargaggoo Natsaannatirraa barachuu qabna.



*Dargaggoon kun miidhama qaamaa isa mudate kanaan osoo hinsakaalamiin galii gundoo hodhee argatuun jireenya isaa ittiin jijjiiraa kan jiru yoo ta'u, namoota utuu qaama guutuu qabanuu rakkoo hojidhabdummaaf harka kennaniif fakkeenya gaarii ta'a*

Dargaggoo kun har'a waggaa 28 yoo ta'u, ogummaa gundoo hodhuurraa galii argatuun of jiraachisaa jira. Yoo garaarraa boohan imimman hindhibu akkuma jedhamu miirri kutannaa jiraannaan dinagdee ofiis ta'e kan biyyaa jijjiiruun akka danda'amu beekuun barbaachisaadha.

Miirri kutannaa dhabamuun ammoo hiyyummaa, deegaafi kufaatii dinagdeef nama saaxila. Qabsoo dargaggoon miidhamaa qaamaa kun jiruufi jireenyasaa mo'achuuf, of jijjiiruufi dinagdeessaa guddisuuf taasisaa jiru namoota qaama guutuu qabaniifi miidhamtoota qaamaa biroofis barumsa guddaa dabarsa.

Hundumtuu eeggattummaafi hiyyummaa keessaa ba'uuf, jireenyasaa jijjiiruufi dinagdeessaa fooyyessuuf qabsoo jireenyaa isa mudatuuf utuu harka hinkennin carraa hojjii argame hundatti fayyadamee hojjechuu qaba.

Qaama guutuun qabeenya, qabeenya qabnu kanatti fayyadamuun of jijjiiruun immoo dirqama hunda keenyaati. Carraa hojii argame hundumaatti fayyadamuun jireenya ofiifi maatii ofii jijjiiruurra darbee dinagdee biyyaa utubuu keessattis gahee guddaa qaba. Qabsoo Dargaggoo Natsaannat jireenya mo'achuuf taasisaa jirurraas waan guddaa barachuu dandeenya.

Abbaan qabeenyaa tokko mana jireenya ijaaree kennuufii kan himan Aadde Warqeen, isaanis buuphaa affeelanii gurguruun jireenya geggeessaa jiru. Ilmisaanii ammoo otoo deggarsa argatee kana caalaa hojjechuu waan danda'uuf qaamni dhimmisaa ilaallatu deggarsa barbaachisu akka taasisuuf gaafataniiru.

Walumaagalatti, qaamaan miidhamuu jechuun ga'umsa dhabuu jechuu waan hintaaneef hadheeffannee jireenyarratti qabsaa'uun ogummaafi kennaa nukeessa jirutti fayyadamnee ofiifi biyya keenya jijjiiruun hiyyummaafi eeggattummaa seenaa gochuun nurraa eegama.

**Fuulli kun walta'iinsa Ministeera Fayyaafi Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin torban lamatti altokko kan dhihaatuudha**

# Leenjii hubannoo uumuu gaazexeessitootaaf kenname




*Gaazexeessitoota leenjicharratti hirmaatan*

Biyya keenyatti hawaasa dhibbantaa 25 jireenyasaa keessatti rakkoon fayyaa sammuu isa mudata. Lakkoofsa kana keessatti rakkooleen tokko tokko akka rakkoo fayyaa sammuutti kan hinilaalamne waan ta'aniif namoota muraasarraa kan hafe namoonni baay'een wal'aansa fayyaa sammuuf gara dhaabbilee fayyaa hindeeman. Dhukkubsattoonni gara dhaabbilee fayyaatti kan dhufan erga filannoowwan wal'aansa amantii ykn aadaa adda addaa yaalanii abadii kutatanii booda waan ta'eef yommuu dhufan daran miidhamoodha.

Keessumattuu dhibee sammuu daa'immaniifi dargaggootaa amala uumamaa umuriisaanii waliin walitti fiduun salphisanii ilaaluun rakkoon fayyaa sammuu akka hidda gadi fageeffatu taasisa. Fakkeenyaaf, kanneen akka rakkoo fayyaa sammuutti hinilaalamne keessaa miidiyaa hawaasaa addaddaa garmalee fayyadamuu ykn yommuu sadarkaa araadaa irra gahuun ilaaluu, daa'imman amalawwan jeequmsaa, callisaafi kanneen kaanitti yaaduun dhibichaaf furmaata barbaaduun baramuu dhabuun ni ka'a.

Kanaaf dhimma fayyaa sammuu biyya keenya keessatti hubannoo uumuufi tajaajila fayyaa sammuu jiru babal'isuun (hawaasa biratti dhaqqabamaa taasisuu) dhimma yeroon itti kennamu miti. Kana malees, Guyyaan Fayyaa Sammuu Addunyaa waa'ee fayyaa sammuu hubannoo uumuufi qooda fudhattoonni xiyyeeffannoo barbaachisu akka kennan jajjabeessuuf waggaa waggaan kabajama. Guyyicha sababeeffachuun hojiin hubannoo uumuu miidiyaa garagaraa waliin ni hojjetama. Hojii kana keessatti gaazexeessitoonni gahee guddaa qabu.

Guyyaan Fayyaa Sammuu Addunyaa waggaa waggaan Fulbaana 29 ykan ALAtti 'October 10' kabajama. Mata dureen bara kanaa "Fayyaan Sammuu Mirga Namoomaa Addunyaati" kan jedhu yoo ta'u, mata dureen kun mirga namoomaa bu'uuraa sadii irratti kan xiyyeeffatedha.

1. Tajaajila fayyaa sammuu argachuun mirga namoomaati
2. Wal'aansi dhukkubsattoota sammuu kabaja namummaa isaanii kabajuu qaba.
3. Mirgi socho'uu dhukkubsattoota sammuu akka eegamuuf, hubannoo hawaasaafi qooda fudhattoota cimsuun, fayyaan sammuu mirga namoomaa idil-addunyaa ta'uu hubachisuuf kan yaadamedha.

Ministeerri Fayyaas hojii hubannoo uumuurratti karoora baasee hojjetaa jira. Karoorasaa keessaas sochii miidiyaa uumuu, fiigicha daandiirraa ykn dorgommii kubbaa miilaa qopheessuu, marii paanaaliifi kkftiin hubannoo akka uumamu taasisaa jira.

Ogeeyyiin damee kanaa fayyaa sammuu akka dhibee sammuutti salphaatti hiika itti kennuun rakkisaa ta'uufi fayyaa sammuu jechuun faallaa dhibee sammuu jechuu akka hintaane ibsu. Kanaaf, fayyaa sammuu keessatti dhibeen sammuu dhibuun ulaagaalee keessaa tokko yoo ta'u, isarra darbee namoonni gammachuudhaan jiraachuuf humna qaban baasanii itti fayyadamuullee kan hammatu ta'uusaatiin fayyaa sammuu jechuun, adeemsa jechuun ni danda'ama.

Dhibee sammuu dhibeewwan biroorraa adda kan taasisu, namoonni dhibee kanaan hubaman kutaan qaamaa akka dhibeen irra jiruufi hinjirre ittiin hubatan, miidhaa dhibichi geesisu kan ittiin beekan dhibamuunsaa adda taasisa. Sababa kanaan hawaasa keessatti dhibeen sammuu namoota yommuu mudatu dhibeedha jedhanii hubachuu dhabuufi dhiibbaa geesisu hubachuu dhabuun ni mul'ata.

Dhibeen sammuu sababawwan ka'umsaa garagaraa qabachuu danda'a. Wal'aansisaas dameedhaan kan qoodamedha. Dhimmoota kanneeniif kanneen biroo dhibee sammuun walqabataniif miidiyaan gahee olaanaa qabaachuusaa hubachuun MInisteerri Fayyaa Inistitiyuutii Fayyaa Hawaasaa waliin ta'uun gaazexeessitootaaf leenjii guyyaa tokkoo kenneera.

Leenjicha kan kennan Pirezdaantii Ittaanaa Waldaa Wal'aansa Sammuu Itoophiyaafi Hospitaala Qiddus Phaawuloositti Ispeeshaalistiin Wal'aansa Sammuu Doktar Isheeruu Xummisoo akka jedhanitti, dhibeen sammuu xiyyeeffannoo barbaachisu akka hinarganne qorannoowwan ni mul'isu. Sadarkaa idil addunyaatti wantoonni fayyaa sammuu namootaarratti dhiibbaa geesisan yeroo yerootti uumamaa jiru. Dhiibbaawwan kunneen yeroo keessa namoota rakkoo sammuu fayyaatiif saaxiluu danda'u. Haalonni tokko tokko si'uma tokkoon rakkoo fayyaa sammuu akka uumamu taasisuu danda'u. Kanneen keessaa, waraana, balaa konkolaataafi kanneen biroo, gudeedamuufi kkf kaasuun ni danda'ama.

Fayyaa sammuu hawaasaa eegsisuuf qaamoleen miidiyaa, ogeeyyiin fayyaa, dhaabbilee mootummaa dabalatee namoonni dhuunfaa hundi ittigaafatamummaa qabu. Ogeeyyiin fayyaa qo'annoofi qorannoo addaddaa gochuun, qaamoleen miidiyaammoo qorannoowwan kanneen qaama dhimmi ilaallatuuf dhiheessuun mootummaan qorannicha deeggaree imaamatawwaniifi seerawwan baasuun waliin hojjechuu gaafata.

Akka qorannoon agarsiisutti, addunyaa guutuutti namoota afur keessaa tokko rakkoo fayyaa sammuu akka qabu eeranii, ta'us hunduu rakkoo fayyaa sammuu olaanaa qabu jechuu akka hintaane himu. Lakkofsi kun kan galmaa'e namoota araada cimaa qaban, sababa balaaf saaxilaman, irriba dhabuufi mukaa'uu keessa namoota jiran ta'uu eeru.

Akka Doktar Isheetuun jedhanitti, namoonni Itoophiyaa rakkoo dhibee sammuu sadarkaa olaanaatiin dhimmoota amantii waliin walqabsiisuu yaalu. Ta'us falaasamni amantiifi dhibee sammuu addadda ta'anis bu'uurrisaanii sammuu ta'uusaatiin akka waldeeggaranii waliin deeman taasisuun ni danda'ama. Wanti hawaasni hubachuu qabu tokko rakkoon fayyaa sammuu yeroo mudatu gara dhaabbilee fayyaa deemuun amantii nama dhuunfaa waliin kan wal hinfaalleessine ta'udha. Namni amantii tokko akkuma dhukkubni kamuu qabu dhibeen sammuus qabuu akka danda'u hubachuun barbaachisaadha.

Miidiyaan biyya kanaa dhibee sammuu waliin walqabatee odeeffannoo sirrii ykn sirrii hintaane kennaa jiru jedhanii murteessuun akka hindanda'amne eeranii, ta'us darbee darbee ergaawwan miidhaa qaban akka darban himu.

Haalli fayyadama miidiyaa hawaasaa, hawaasa bira jirus fayyaa sammuu dhiibbaa keessa kan galchu ta'uu kaasanii, sababa kanaan dhibee sammuuf saaxilamanii gara dhaabbilee fayyaa namoonni dhufan jiraachuu dubbatu. Sababoota kanaaf ka'umsa ta'an keessaa haasaa jibbiinsaa, hamiifi wantoota hin uumamne akka uumamanitti dubbachuufi kanneen biroo kaasu.

Ta'us haala biraatiin miidyaa tokko tokkorratti wantoonni fayyaa sammuu namaa eeguuf gargaaran kan tamsa'an ta'uu himu. Namoonni barachuu, hojjechuufi wantoota biroo raawwachuu osoo qabanii miidiyaa hawaasummaa kan fayyadaman yoo ta'e, rakkoo dhibee sammuu ta'uu akka danda'u hubachiisu.

Ministeera Fayyaatti, Ogeessi Fayyaa Sammuu Obbo Jamaal Tashooma gamasaaniin, sammuu fayyaan walqabatee hubannoo dogoggoraa hawaasa bira jiru hir'isuuf gaheen miidiyaa olaanaa ta'uu ibsu. Namoota rakkoo fayyaa sammuu qaban irratti osoo hinbeekiinis ta'u maal na dhibdeedhaan namooni fayyaa sammuu qaban yommuu mirga namoomaasaanii sarban akka mul'atu himanii, kun kan ta'u yaada dogoggoraa "namoota dhibaman balaarraa eeguuf" jedhuun ta'uus eeru.

Fakkeenyaaf namoonni rakkoo fayyaa sammuu qaban namoota kaanirratti balaa uumu, of miidhu sababoota jedhaniin dhukkubsattoota hidhuu akka fakkeenyaatti kaasu. Gochaa akkanaa garuu beekanis ta'e osoo hinbeekin kan raawwatan ta'uyyuu barbaachisaa kan hintaaneefi seeraan kan nama gaafachiisu ta'uu dubbatu.

Sarbama mirga namoomaa inni biraan biyyoonni sadarkaa dinagdeensaanii eeyyamutti tajaajilawwan fayyaa biroon walqixa wal'aansa dhibee fayyaa sammuu qaqqabamaa taasisuu dhabuu ta'uu kan himan ogeessi kun, kanarraa kan ka'e dhukkubsataan tokko tajaajila osoo hinargatin yeroo dheeraa turuuf akka dirqamuufi kunis dhibichi walxaxaa akka ta'u darbees wal'aanamee fayyuuf ulfaataa akka taasisu ibsu. Kunimmoo lammii hojjetee omishuu danda'u eeggataa akka ta'uuf, biyyis baasii qoricha bituu yeroo dheeraaf akka saaxilu kaasu.

Kanaaf mootummaafi qaamni dhimmi ilaallatu waan irraa eegamu ba'achuu akka qabaniifi mirga dhukkubsattoota sammuufi maatii isaanii eegsisuu keessatti gaheesaanii ba'achuu akka qaban dhaamu.

Dhumarrattis fayyaa sammuu malee guddina biyyaa damee kamiiyyuu galmaan gahuun waan hindanda'amneef xiyyeeffannaan itti kennamuu akka qabu gaafatu.

## "Karoora xiiqii milkeessuuf...

dabalatee sababa dhiyeessuun hojiirra oolmaa maallaqaa gufachiisuun araarama akka hinqabne hubachiisaniiru.

Bakka rakkoon nageenyaa jirutti danqaa jiru ilaalchisuun, bakka rakkoon nageenyaa jirutti wanti hunduu ni milkaa'a jedhamuu baatus raawwii pirojektotaa dabalatee rakkoo keessatti hoggantootni milkaa'ina ajaa'ibaa galmeessisan jiraachuufi sanirraas muuxannoon horatamuu yaadachiisaniiru.

Bajatni ramadame qixa sirriin hojiirra akka ooluuf sirna to'annoofi hordoffii jabaa diriirsuun ala sirni odeeffannoo faayinaansii hojiirra oolaa jiraachuu eeranii; dabalataanis baasii guyyaa, qajeelfamni jiru hojiirra ooluufi ooluu dhabuun odiitii keessoofi alaatiin hordofamaa jiraachuu himaniiru.

Barana bajatni guddaan qarshiin biliyoona 221 ol naannichaaf ramadamuu himanii; bajatni kun pirojektota buleeyyii xumuruufi haaraa eegaluu akka of keessaa qabuufi hanga bajanni dabalamu qisaasamni mudatus dabalaa waan deemuuf of eeggannoo cimaan taasifamaa jiraachuu ibsaniiru.

Gamaggamni raawwii pirojektota buleeyyii kan baatilee sadan darbanii taasifameera. Haala kanaan raawwiin pirojektota hedduu haala gaariirra jira. Ta'us bakkawwan tokko tokkotti qaawwi mul'ateera. Kana sirreessuufis kallattiiwwan garagaraa diriiruu dubbataniiru.

Keessattuu bakkeewwan rakkoon nageenyaa jiranitti tumsi hoggansa sadarkaan jiruufi hawaasa naannawichaan pirojektota hedduu xumuruun danda'ameera jedhanii; haa ta'u malee, qaamoleen rakkoo nageenyaa sababeeffachuun qaawwa uuman waan jiraniif qaamota kunneenirratti tarkaanfiin araarama hin qabne fudhachuusaaniifi fuuldurattis kan fudhatan ta'uu beeksisaniiru.

Qaal'iinsa jireenyaa baasii pirojektotaa dabalaa jiran tajaajila lammmummaatiin keessa ba'uun tooftaa tokko ta'uu gorsanii; sadarkaa hawaasaattis qaala'iinsa kana hir'isuuf hojii jabeessuun omishaafi omishtummaa dabaluun fala ta'uu dhaamaniiru.

## Komii faca'iinsa...

sharafa alaa argachuuf omishasaa dhibbantaa 30 qofa fayyadamaa ture amma garuu gara dhibbantaa 50tti guddateera. Dhiyeessiin faayinaansii gara qarshii biliyoona 60tti wayita guddatu liqiin industirii omishaaf kennamus gara dhibbantaa 24tti guddachuu hubachiisaniiru.

Bara darbe abbootiin qabeenyaa 52 kaappitaala qarshii biliyoona 850 galmeessisan paarkiiwwan idustirii keessatti omishaalee garagaraarratti bobba'an wajjin galiigaltee mallatteessuu eeranii; omishaalee alaa galan akaakuuwwan 104 biyya keessatti omishuuf sochiin eegalamuu himaniiru.



## Leephiis ganda...

fuula hawaasummaa isaaniirratti dabarsaniin, gandi Ikoo Turiizimii Leephiis Dhaabbata Turiizimii, Mootummoota Gamtoomaniitti, "Ganda Turiizimii filatamaa bara 2023" jedhamee filatamuu isaatiin hedduu gammaduu ibsanii, murtoon yaa'ii waliigalaa 25ffaa dhaabbatichaa Uzbeekistaan, Magaalaa Samaarkaandiitti gaggeeffamerraa dhagahame kun borumtii Paarkiin Biyyaalessaa Gaarreen Baalee Mootummoota Gamtoomaniitti, Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaatti, hambaa uumamaa ta'ee galmaa'etti ta'uusaatti gammachuu dachaafi milkaa'ina boonsaa dabalataa baranaa ta'uu ibsu.

Milkaa'ina argameef qaamolee gumaacha taasisan galateeffatanii, abbootiifi haadholii safuu qabeenya uumamaaf malu dhaloota dhaalchisan, ummata Godina Arsii Lixaa, keessumaa jiraattota naannaawa Leephiis qabeenya ajaa'ibaa kana kunuunsanii har'aan gahaniif galata dhiheessaniiru.

Ji'oota lama duras, Leephiis iddoowwan Ikoo turiizimii 18 inisheetiivii haaraan akka misooman adda bahanii labsaman keessaa tokko ta'uun daandiin irra jiramu sirrii ta'uu akka mirkaneessu eeranii, gama biraatiin, bu'aan argamaa jiru, dilbiifi carraan turizimii akka naannootti jiru guddaafi kan hintuqamiin ta'uu akka agarsiisu ibsu.

## Itoophiyaan buufata...

Hayyichi Doktar Qosxanxiniyoos Barihetasfaa turtii gaafdeebii dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, gaaffiin Itoophiyaan dhimma buufata galaanaa irratti kaasaa jirtu gaaffii deeggarsa seera idiladdunyaa qabuudha. Waliigaltee Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessatti biyyootni buufata galaanaa mataasaanii hinqabne bifa kamiin keessummeeffamuu akka qaban ifatti katabamee jira.

Gaaffiin Itoophiyaan buufata galaanaa ilaalchisee kaasaa jirtu deeggarsa seera idiladdunyaa qabaatus haalli raawwiisaa garuu hariiroo Itoophiyaan biyyoota Galaana Diimaa keessatti shoora qaban waliin qabdurratti hundaa'a.

Gaheen Buufatni Galaana Diimaa akka addunyaatti sochii daldala addunyaa keessatti qabu olaanaadha kan jedhan Doktar Qosxanxiniyoos, sochii dinagdee akka addunyaatti taasifamu keessaa dhibbantaan 10 karaa buufata kanaa kan raawwatamu ta'uu ibsaniiru.

Haalonni Itoophiyaan buufata galaanaa, Galaana Diimaatti karaa haqa qabeessaan akka fayyadamtuu dandeessisan hedduun jiraachuus himaniiru.

Biyyattiin lafa qotamuu danda'u hektaara miliyoona 74 ta'u qabduudha. Kanaafuu biyyootni garaagaraa gara Itoophiyaa dhufanii hojii invastimantiirratti bobba'anii omishasaanii gara biyyasaaniifi gabaa addunyaatti geeffachuun fayyadamoo ta'uu danda'u.

Itoophiyaan nageenyashee tikfachuufi nageenya gaanfa Afrikaaf immoo gahee irraa eegamu bahuuf buufanni galaanaa daraan gargaara. Hariiroo gaariin Itoophiyaan biyyoota Afrikaa Bahaa faana qabdu akkuma jirutti ta'ee, dhimmi buufata galaanarratti biyyoota ollaa waliin marii ittifufiinsa qabu irra deddebiidhaan gochuu gaafata jedhan.

## "Addunyaa yeroo kamuurra...

biyyoota baha giddugaleessaa, Awurooppaa, Eeshiyaafi Afrikaa walquunnamsiisuuf kallattii murteessaarratti argamtuudhas," jedhan.

Afrikaa, ardii ummata biliyoona 1.4 irrajireessi dargaggoota humna omishaa ta'an keessaa dhufuun matumtisaa akka nama boonsu himanii; ardiin kun potenshaala rogawwan maraa qabuun bakka gabaa filatamaa akka ta'u shakkii akka hinqabne ibsaniiru.

Bu'aa inisheetivii kanaa kan ta'e daandiin baaburaa Itiyoo-Jibuutii dinagdee Itoophiyaa guddisuu bira darbee guddina dinagdee addunyaafuu shoora qabaachuu eeranii; hariiroo ummata biyyoota lameenii cimsuu dabalatee kan hawaasa kallattii saniifuu gumaacha akka qabu hubachiisaniiru.

Doktar Abiyyiifi jillisaanii buufata doonii Shaangaay, Industirii omishaa Huwaawweefi bakkeewwan biroo daaw'ataniiru. Akkasumas Pirezidaantii Baankii 'New Development' biyyoota miseensota 'BRICS' Diilmaa Ruuseef waliin mari'ataniiru.

## Artisti Halloo Daawwee...

Namoonni sirna awwaalchasheerratti argaman tokko tokko yaada kennaniin akka jedhanitti, Qeerroofi Qarreen keenya Halloorraa barachuu kan qaban gootummaa, sabboonummaafi Oromummaa dhokatteefi awwaalamtee teessu ifatti baasuufi mul'isuudha.

Walumaagalatti Halloon artiin Oromoo sadarkaa har'a irra jirurra akka ga'uuf nama aarsaa guddaa kaffalteedha. Utuu jireenya ijoollummaa, dargaggummaafi hawaasummaa hinjiraatiin ummatasheetiif of kennitee hojjetaa turte.

Halloon sirba isheetiin ummata Oromoo dadammaqsuudhaan mirgaafi bilisummaasaatiif akka falmatuuf nama kakkaasaa turteedha. Halloon sirboota Oromoo walitti hidhuufi tokkummaasaa cimsu hedduus sirbiteetti. Halloon artistii cimtuu bilisummaa saba Oromoof gootummaan qabsaa'aafi falmaa turte. Oromummaa dagaagsuuf, Oromoo walitti fiduufi tokkummaasaa cimsuufi bohaarsuuf sirbaa turte.

Halloon artistii faana artistoota hangafootaa dhahuun hojii isaan jalqaban ittifufsiisuuf karaa hundaan qabsaa'aafi hojjechaa turteedha. Dhaloonni Qubee akka uumamuufi jijjiiramni ammaa kun akka dhufuuf gumaacha guddaa taasisaa turteetti.

Halloon artistii yeroo lubbuun jirtuufi erga du'aan addunyaa kanarraa dabartees hojii rawwattee dabarteen ummatashee tajaajilaa jirtuudha. Waan gaarii dalagdee waan dabarteef boris maqaa isheetiin waan hedduu argina. Dhaloonni amma jiru seenaa gaarii hojjetanii darbuun kan nama boonsuufi kabajchiisu ta'uu Halloo Daawweerraa barachuu qaba.

Dhumarrattis Artisti Halloo Daawwee gaafdeebii dheeraa Amajjii 14 bara 1996 Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisteen keessumaa waa'ee hiika maqaashiirratti yaada ittaanu kennitee turte, "Namoonni tokko tokko Haloo jedhan laaffisanii. Garuu maqaan kiyya Haloo miti; Halloodha. Ni jabaata. Maqaan kun maqaa mukaa gaara Harargee keessatti argamuuti. Halloon muka jabaadha. Jigullee biyyeen hinyaattu".

Akka qorattoonni saayinsii afaanii dubbatanitti maqaa (moggaasa) tokkoof ykn meeshaa ykn yaada tokkoof kennamuufi waan maqaan sun ibsu jidduu ykn isa ibsamuufi isa ibsu jidduu hariiroon uumamaa ykn amalaa hinjiru. Maqaan waan baheef sana bakka hinbu'u jedhu. Yaadni kun mirkana'aa ta'uunsaa haalamuu baatus darbee darbee garuu maqaan nama tokkoofi jireenyasaa ykn amallisaa oggaa walfakkaate hoo maal jedhu?